# XIINXALA HARIIROO OLEEFI DALGEE BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 1FI 2 KITAABA BARATTOOTAA BARA 2005 IRRAATTI XIYYEEFFATE

**BOGGAALEE LEENCAA FUFAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI
FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE**

# XIINXALA HARIIROO OLEEFI DALGEE BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 1FI 2 KITAABA BARATTOOTAA BARA 2005 IRRAATTI XIYYEEFFATE

BOGGAALEE LEENCAA FUFAA

GORSAAN: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU
GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI
FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA 2011/2019
FINFINNEE

**Yunvarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (M.A) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Boggaalee Leencaatiin mataduree“*Xiinxala Hariiroo oleefi dalgee Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1fi 2 Kitaaba Barattootaa Bara 2005 irratti Xiyyeeffachuun’’* jedhuun qophaa’e, sadarkaa yuunivarsiitiin kaa’e guute jira.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa________________________________Mallattoo _________ Guyyaa ___________

Qoraa Keessaa____________________________ Mallattoo __________ Guyyaa ____________

Gorsaa __________________________________ Mallattoo __________ Guyyaa ____________

______________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa

## Axereera

*Qorannoon kun hariiroo oleefi dalgee barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 kitaaba barattootaa bara 2005 maxxanfaman waliin qabu xiinxaluurratti kan xiyyeeffateedha. Fiixaan ba'umsa kaayyoo qorannichaatiif madda ragaalee kan ta'an kitaabileen barattootaa kutaalee lamaanii kan bara 2005/2012 maxxanfaman iddatteessuu akkaayyootiin filatamanii sakatta'amaniijiru. Meeshaaleen funaansa ragaalee sakatta'a kitaabilee barattootaa gosoota barnootaa kutaa 1fi 2 barsiifamanitti fayyadamuun odeeffannoon sassaabameera. Ragaaleen walitti qabamanis mala ammamtaatiin xiinxalamanii hiikni itti kennameera. Bu'aa ragaalee kanneenirraa argameenis barnooti Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 hariiroo dalgee eegee qophaa'uurratti hanqina qabaachuunsaa bira gahameera. Dabalataanis, hariiroon olee qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 1fi 2 qabiyyeewwan kitaaba barattootaa bara 2005 maxanfamanii wajjin kutaadhaa gara kutaatti qaban ulaagaa walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeetiin sakatta'amanii hariiroon olee xiyyeeffannoo kan hinarganne ta'uunsaa mirkanaa'eera. Argannoo kanneen bu'uureffachuun qoratichi yaada furmaataa kaa'eera. Haaluma kanaan, ogeeyyiin kitaaba barnootaa afaanii qopheessan hanqinoota kanneen hubachuun haala qindoomina hariiroo dalgeefi olee eegeen fooyyessanii yoo qopheessan gaarii ta'a jechaa, hanga fooyya'ee hojiirra oolutti barsiisonni afaanichaa bu'aa argannoo kanaatti fayyadamuun fooyyessanii barsiisuun furmaata yeroo ta'uu akka danda'u qoratichi eereera.*

**Hiika Jechootaafi Gabaajee**

1. BAO = Barnoota Afaan Oromo
2. AI1= Afaan Ingilizii kutaa 1
3. AI2= Afaan Ingilizii kutaa 2
3. AO1= Afaan Oromoo kutaa 1
4. AO2= Afaan Oromoo kutaa 2
5. SN1= Saayinsii Naannoo kutaa 1
6. SN2= Saayinsii Naannoo kutaa 2
7. E. G. J.Q1= Estetiksii, Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kutaa1
8. E.G.J.Q2= Estetiksii, Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kutaa 2
9. Sarjaa = olee (vertical)
10. Danaa= safakaykn fakkoo hariiroo qabiyyeewwan adda addaa gidduu jiru agarsiisu (diagram)

## Galata

Waan hundumaa dura Waaqayyo uumaa koo Isa qaamaanis hafuuraanis na tajaajilee bu'aa-ba'ii baay'ee keessa dabarsee sadarkaa kanarraan na ga'eef galata daangaa hinqabneen dhiyeessa.

Ittaansuudhaan, mata duree filachuurraa eegalee hanga xumura qorannichaatti yaada ijaarsaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr. Dinqeessaa Dheeressaa guddaan galateeffadha.

Kana malees, utuu hinbaratin faayidaa barnootaa hubachuun bakka haadhaatti qofa osoo hinta'in, bakka abbaattis, bakka obboleettiittis na tajaajiluun natti rakkattee rakkoolee baay'ee keessa kan na dabarsiteefi milkaa'ina qorannoo kanaaf gumaacha guddaa kan goote deessee koo Dammituu Haayiluu garaa koorraa galateeffachaa Waaqayyo fayyaafi umurii dheeraa siif haakeennun jedha.

Akkasumas, yaadaanis ta'e maallaqaan yeroo ofiishee aarsaa gochuudhaan haala naamijeessuun nacina dhaabbattee kan na jajjabeessaa turte haadha manaa koo Baaccuu Qana'aa garaa koorraan galateeffadha. Itti dabalees, yeroon qorannicha hojjetaa turetti yaadaan kan na jajjabeesseefi maallaqaanis kan na deggare soddaa koo Ta'eeraa Qana'aa guddaan galateeffadha.

Dhumarratttis, hiriyoota koo kanneen yaadaanis ta'e meeshaalee naaf ergisuun na deggeraniifi barsiisota odeeffannoo naaf kennan hunda guddaan galateeffadha.

# Baafata


**Qabiyyee** **Baafata**

Axereera....i

Hiika Jechootaafi Gabaajee .... ii

Galata.... iii

Tarree Gabateewwaniifi Danalee....vi

Boqonnaa Tokko: Seensa ....1

1.1 Ariirrata Qorannichaa....1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa....2

1.3 Kaayyoo Qorannichaa....3

1.4 Faayidaa Qorannichaa....4

1.5 Daangaa Qorannichaa....4

1.6 Hanqina Qorannichaa....4

1.7 Qindoomina Qorannichaa ....4

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ....5

2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee ....5

2.1.1 Maalummaa Sirna Barnootaa ....5

2.1.2 Sirna Barnootaa Afaanii....7

2.1.3 Faayidaa Sirna Barnoota Afaanii....7

2.1.4 Meeshaalee Sirna Barnootaa ....8

2.1.4.1 Silabasii....8

2.1.4.2 Qajeelcha Barsiisotaa....9

2.1.4.3 Kitaaba Barnoota Afaaniifi Qophii Isaa....10

2.1.5 Madaallii Meeshaalee Barnootaa....12

2.1.6 Gosoota Madaallii Meeshaalee Barnootaa....13

2.1.7 Maalummaa Yaadrimee Qindoomina Qabiyyeewwan Barnootaa........................20
2.1.8 Gosoota Hariiroo Sirna Barnootaa....................................................................22
2.1.8.1 Barbaachisummaa Hariiroo Olee ..............................................................23
2.1.8.2 Barbaachisummaa Hariiroo Dalgee..........................................................24
2.2 Sakatta'a Barruu walfakkii..............................................................................26
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa....................................................29
3.1 Saxaxa Qorannichaa .......................................................................................29
3.2 Madda Ragaalee ..............................................................................................29
3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee .....................................................................30
3.3.1 Sakatta'a Dookimentii......................................................................................30
3.2 Mala Iddatteessuu ............................................................................................30
3.2.1 Kitaaba barattootaa .........................................................................................30
3.5 Mala Ragaaleen Ittiin Xiinxalaman .................................................................31
Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxala Ragaalee ..........................................................32
4.1 Ibsa Gabaabaa Waa'ee Madda Ragaalee .........................................................32
4.1.1 Ibsa Gabaabaa Waa'ee Kitaabilee .................................................................32
4.2 Xiinxala Ragaalee Dookimentiirraa Argamanii ...............................................32
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo.......................................................49
5.1 Cuunfaa ...........................................................................................................49
5.2 Argannoo..........................................................................................................49
5.3 Yaboo .............................................................................................................51
Wabii ......................................................................................................................53
Dabaleewwan

## Tarree Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee 1: Hariiroo dalgee qabiyyeewwaan BAO kutaa 1 fi kitaaba barattootaa kutaa 1 bara 2005 maxxanfaman ........ 33

Gabatee 2: Hariiroo Dalgee Barnoota Afaan Oromoo kutaa2fi qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa kutaa 2 bara 2005 ........ 36

Gabatee 3: Hariiroo Walitti fufiinsaafi Dagaagina Qabiyyeewwan BAO kutaa 1 ( barannoo gara barannootti) ........ 39

Gabatee 5: Hariiroo Olee Qabiyyeewwan BAO kutaa 1fi2 gidduu jiru ........ 45

Gabatee 4: Hariiroo walitti fufinsaafi Dagaagina Qabiyyeewwan BAO kutaa 2 (barannoo gara barannootti) ........ 42

## Tarree Danalee

**Fuula**

Danaa 1: Hariiroo dalgee BAO kutaa 1fi 2 barnoota biroo waliin qaban agarsiisu ........ 22

Danaa 2: Hariiroo Dalgeefi Hariiroo Olee BAO kutaa 1fi 2 ........ 26

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Sirna bulchiinsa biyya tokkoo keessatti imaammatoota garaagaraatu baha. Isaan keessaa imaammata barnootaa, imaammata fayyaa, imaammata dinagdeefi kkf maqaa dhahuun nidanda'ama. Akka qajeelchi qophii, qo'annaafi qorannaa sirna barnootaa (BBO) (1995) jedhutti, sirni barnootaa imaammata barnoota biyyaarratti hundaa'ee yommuu qophaa'u, meeshaaleen barnootaa dhimma baruu barsiisuuf oolan ammoo sadarkaa isaaniitiin sirna barnootaa sana bu'uura godhachuun kan qophaa'an akka ta'e kaa'ee jira. Haaluma walfakkaatuun, Ministeera Barnoota Itoophiyaa (2010:1) "The existing curriculum in Ethiopia is based on the objectives of the Educational and Training Policy of 1994," jechuun kaa'a. Imaammata barnootaa biyya tokkoo keessatti imaammanni barnoota afaanii dhimma tokko ta'ee kan ilaalamu yoo ta'u, sirni barnoota afaaniis imaammata barnoota afaanii biyyattiirratti hundaa'uun hayyoota afaaniitiin kan qophaa'uudha (Tamasgeeniifi Tashoomaa, 2015).

Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015:53-54) sirna barnootaa keessatti kitaabni gosa barnootaa tokko yommuu qophaa'u qabiyyee silabasiirratti hundaa'ee hayyoota afaanii muuxannoofi ga'umsa olaanaa qabniin kan barreeffamu ta'uusaa eeruudhaan qophii kitaabichaa keessatti dhimmoota xiyyeefannoo argachuu qaban shan tarreessanii jiru:

- *Eenyummaa barataa afaanii xiyyeeffannoo keessa galchuu*
- *Dandeettii sadarkaa barsiisaa afaanii xiyyeeffannoo keessa galchuu*
- *Eenyummaa hawaasa afaan sana dubbatu beekuu*
- *Haala manneen barnootaa beekuu*
- *Yaaxxinaalee afaan barachuu beekuu*

Bu'uuruma kanaan, qabxiilee olitti tarreeffaman kanneen keessaa qorannoon kun hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa tokkoffaafi lammaffaa barnoota biroo wajjin qabu xiinxaluurratti kan geggeeffameedha.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Akka qajeelfama sirna barnootaatti akaakuun barumsaa tokko yommuu qophaa'u haalli qindoomina qabiyyeewwan isaa hariiroo dalgeefi hariiroo olee eeggatee ta'uu qaba. Hariiroo dalgee jechuun qabiyyeewwan gasa barnootaa tokkoo qabiyyeewwan gosoota barnoota biroo kanneen kutaa sanaaf qopha'anii wajjin walitti dhufeenya isaan qaban kan ilaallatu yoo ta'u, hariiroon olee ammoo qabiyyeewwan gosa barnootaa tokkoo kutaadha gara kutaatti haala itti walqabatanii babal'achaa adeeman kan agarsiisuudha. Haaluma kanaan, hiriyoonni qoratichaa kanneen barnoota Afaan Oromoo kutaa 1fi2 barsiisan haala dhiyaannaa qabiyyeewwan kitaabilee sanaa utuu isaan qeeqanii itti hirmaatee dhaga'eera. Kanarraa ka'uudhaan tarii maddi rakkoo kanaa qindoomina gaarii dhabuu qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 1fi 2 ta'a laata? shakkii jedhu waan isatti dhageessiseef hariiroo qabiyyeewwan kiataabilee kutaalee lamaanitti barsiifaman qorachuun isa hawwateera. Qorannoon EGRA (2010) Afaan Oromoo dabalatee afaan dhalootaa naannoolee Itoophiyaa 8 keessa jiran jaha irratti geggeeffame akka mul'isutti dandeettiin afaan dhalootaa murteessaa ta'uusaa eeruun bu'aa qorannoo argamee kaa'eera. Haaluma kanaan, barattoota naannoo Oromiyaa jiran keessaa kanneen jecha tokkollee dubbisuu hindandeenye kutaan 2 parsantii 41.2, kutaan 3 ammoo 20.6 akka ta'an ifa godheera. Akkasumas, barattoonni naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo keessatti dubbisanii hubachuu hindandeenye kutaan 2 parsantii 47, kutaan 3 ammoo parsantii 24.7 ta'uusaanii kaa'eera. Yaboosaa keessatti ammoo sirna barnootaa dubbisuufi kitaaba barattootaa sakatta'uun dubbisuufi dubbisuu barsiisuurratti xiyyeeffatamuu akka qabu, tarsiimoo hubannoo idilaa'een barsiisuu, leenjii barsiisotaallee sakatta'uun akka barbaachisu lafa kaa'eera. Qorannoon kun hojii bal'aa hojjechuun bu'aa guddaa kan buuseedha. Haata'u malee, qindoominni hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 kitaabilee barattootaa yeroo ammaa ittiin baarsiifamaa jiran ykn kanneen bara 2005 maxxanfaman xiyyeeffannoo kan argatan waan itti hinfakkaanneef mata duree kana qorachuun xiyyeeffannoo qoratichaa harkiseera. Barumsi sadarkaa kutaa tokkotti gosoota barumsaa garaagaraan kennamu yoo walhunate inni tokko isa kan biroo kan gabbisu ta'ee barattoonnis qindoominni bu'uuraa gosoota barnoota gidduu jiraachuusaa addaan baafatu (Tasfaayee, 1981). Qabiyyeewwan gosa barnootaa tokko gosoota barnootaa adda addaa wajjin haala walqabateen yommuu dhiyaatan ammoo barattoonni wantoota barnoota biroo keessatti baratan isa kaan keessattis bifa biraan irra deebi'anii yommuu baratan wantoota sanarratti hubannoo waliigalaa cimsatu. .

Bu'uuruma kanaan, qoratichi hariiroo oleefi dalgee barnoota Afaan Oromoo kutaa 1fi2 kitaaba barattootaa kutaalee lamaanii kanneen bara 2005 maxxanfamanii wajjin qaban xiinxalee adeemsa hojii qorannichaa keessatti gaaffilee bu'uuraa kanaa gadiitiif deebii bardaaduuf yaaleera.

1. Barnoonni Afaan Oromoo kutaa1 qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa kutaa 1 bara 2005 waliin hariiroo qabaa?
2. Barnoonni Afaan Oromoo kutaa2 qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa kutaa 2 bara 2005 waliin hariiroo qabaa?
3. Qabiyyeewwan kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 bara 2005 gidduutti hariiroon mul'atu akkamiin ibsama?
4. Barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa bara 2005 keessaa kamfaa waliin hariiroo cimaa qabu? Kamfaa wajjin ammoo hariiroon isaanii laafaadha?

**1.3 Kaayyoo Qorannichaa**

Kaayyoon qorannichaa, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreetti qoodamee dhiyaateera. Kaayyoon gooroo qorannichaa hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 kitaaba barattootaa kutaalee lamaanii bara 2005 maxxanfamanii wajjin qabu xiinxaluudha. Kaayyoowwan gooreen qorannichaa kanneen armaan gadiiti:

1. Barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1 qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 1 bara 2005 maxxanfamanii wajjin hariiroo qabaachuufi dhiisuu isaa addaan baasuu
2. Barnoonni Afaan Oromoo kutaa 2 qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 2 bara 2005 waliin hariiroo dalgee qabaachuufi dhiisuu isaa mirkaneessuu
3. Qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 1fi 2 gidduu hariiroo olee qabaachuusaanii addaan baasuu
4. Barnoonni Afaa Oromoo kutaa 1fi 2 qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa kutaalee lamaanii bara 2005 keessaa kamfaa wajjin hariiroo cimaa ykn laafaa akka qaban ibsuu

### 1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun yoo hojiirra oole bu’aa kanaan gadii argamsiisa jedhamee abdatama:

1. Qopheessitoonni sirna barnootaa akka madda odeeffannootti itti fayyadamuu danda’u.
2. Barsiisonni afaanicha barsiisaniifi barattoonni kutaa kanneenii bu’aa qorannoo kanaarraa fayyadamoo ta’u.
3. Akkasumas, barattoota mataduree walfakkaatu irratti qorannoo geggeessaniif ka’umsaa ta’uu danda’a.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun hariiroo oleefi dalgee barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 qabiyyeewwan kitaabilee kutaalee lamaanii bara 2005 wajjin qaban xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Barnooti Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaa kutaalee hundaa gosa barnootaa hunda waliin hariiroo qabaachuufi dhiisuu isaa qorachuun yeroo baay’ee kan fudhatuufi qaqqabamaa waan hintaaneef qorannoon kun kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa tokkoffaafi lammafaa kanneen bara 2005/2012 Biiroo Barnoota Oromiyaatiin maxxanfaman qofa xiinxaluurratti fuulleffateera.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorqnnoon kun kan geggeeffame hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 kitaaba barattootaa bara 2005 maxxanfaman waliin qabu xiinxaluurratti. Adeemsaafi qaaccessa qorannichaa keessatti dhimmoonni biroon ilaalamuu yoo danda’anillee, xiyyeeffannoon isaa hariiroo BAO kutaa 1fi2 kitaabilee barattootaa bara 2005 waliin qaban qofarratti waan ta’eef hanqina qaba.

### 1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun Boqonnaalee shan kan ofkeessatti haammatuudha. Boqonnaan tokkoffaan seenduubee qorannichaa, ka’umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, daangaa qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaafi hanqina qorannichaa kan ofkeessatti qabateedha. Boqonnaan lammaffaan sakatta’a barruu yaadrimee bal’aa irraa gara yaada murtaawaatti kan hammateedha. Boqonnaan sadaffaa saxaxaafi mala qorannichaa kan ofkeessatti qabate yommuu ta’u, boqonnaan afur ammoo xiinxalliifi ibsi ragaalee qorannichaa kan keessatti taasifameedha. Gara dhumaattis, boqonnaa shanaffaan walduraa duubaan guduunfaafi yaada furmaataa kaa’uun qindaa’ee kan dhiyaateedha.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1 Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Sakatta'aan barruu mata duree qorannoo tokkorratti cuunfaa waliigalaa qorannoo duriin walbira qabuudha. Sakatta'aan barruu barreeffamoota hayyootaa akka kitaabaafi madda odeeffannoo biroo mata duree qoratamuun walqabatan sakatta'uu kan ilaallatu ta'ee bu'uura yaaxxinaalee(theories) kaa'uudhaan amala qorannoo murteessuuf kan nama gargaaruudha

Faayidaa sakatta'a barruu ilaalchisee Addunyaa (2011:58-59) yoo ibsu, qorannoo tokko geggeessuuf 'ogbarruu sakatta'uun baay'ee barbaachisaadha. Barbaachisummaan isaas, dhimmicha qorannoowwan duraan geggeeffamaniin wal-qabsiisuun cimsuu, qaawwa inni duuchuuf deemuufi daangaa isaas mul'isuufi. Kana malees, ogummaawwan garaagaraa kanneen qorannichaaf tumsan gabbifachuuf ogbarruu sakatta'uun barbaachisaadha.' Haaluma kanaan, kutaa kana keessatti maalummaa sirna barnootaa, sirna barnoota afaaniifi barbaachisummaa isaa, maalummaafi faayidaa meeshaalee sirna barnootaafi gosoota hariiroo sirna barnootaafi madaallii meeshaalee barnootaa ilaalchisee yaadni hayyootaa kan sakatta'ameedha. Akkasumas, qorannoowwan kanaan dura geggeeffaman keessaa kanneen mata durichaa wajjin kallattiin walqabatan yookiin walitti dhiyeenya qaban sakatta'amaniiru.

### 2.1.1 Maalummaa Sirna Barnootaa

Galmeen jechootaa Concise Oxford (maxxansa 10$^{ffaa}$) jecha sirna barnootaa (Currriculum) jedhu jecha Laatiinii irraa kan madde ta'ee hiikni isaas koorsii (course), konkolaataa fardaan oofuu (racing chariot) jechoota jedhaniin kan walqabatuufi akka gosoota barnootaatti ammoo koorsiiwwan qo'ataman of keessatti kan qabate ta'uu isaa kaa'a. Hayyoonni garaagaraas sirna barnootaatiif hiikkawwan adda addaa kennanii jiru. Haata'u malee hiikkaawwan kunniin kan silabasii wajjin waldhahee akka mul'atu eeruun Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015) Stern (1983) wabeeffachuun akka itti aanutti ibsaniiru: 'The field of curriculum study is part of the discipline of educational studies. In its broadest sense, it refers to the study of goals, content, implementation and evaluation of an educational system.'

Yaada hayyuu kanarraa akka hubatamutti sirni barnootaa mana barnootaa keessatti akka kaloo qo'annoo barnoota tokkoo yoo ta'u, hiika isaa bal'aatiin ammoo waliigala qo'annoo kaayyoo, qabiyyee, raawwiifi madaallii barnootaa ta'uu akka danda'uudha.

Gama birootiin, hiikoo isaa isa dhiphaatiin Stern (1983) yommuu ibsu:

> *In its restricted sense, curriculum refers to a course of study or the content of a particular course or a programe. It is in this narrower sense of curriculum that the term 'syllabus' is employed. 'Syllabus design' is just one phase in a system of interrelated curriculum development activities. According to Shaw's (1975) survey of literature on second language syllabus development... the curriculum includes the goals, objectives, content, processes, resources, and means of evaluation of all the learning experiences planned for pupils both in and out of the school and community, through classroom instruction and related programs..." He then defines "syllabus" as "a statement of the plan for any part of the curriculum, excluding the element of curriculum evaluation itself.*

Akka yaada kanarraa hubannutti, sirni barnootaa qo'annaa qabiyyeewwan koorsii kennamu tokkoo ykn sagantaa barnootaa tokko kan karaa silabasii qophaa'ee hojiirra ooluufi silabasiinis ibsa karoora qaama sirna barnootaa ta'uu isaati.

Akka Nunan (1988) garaagarummaan sirna barnootaafi silabasii gidduu jiru, sirni barnootaa 'karoorsuu, raawwachuu, madaaluu, to'achuufi sagantaalee barnootaa hogganuu' kan ilaallatu yoo ta'u, silabasiin ammoo sirna barnootaarra ''baay'ee dhiphoofi qabiyyeewwan filachuufi kutaadhaan sadarkeessuurratti kan xiyyeeffatuudha.'

Akka yaada kanaa oliirraa hubatamutti, silabasiin sirna barnootaarra sadarkaa kutaafi gochaalee daree barnootaatti raawwatamanirratti kan murtaa'e, qabiyyeewwan gosa barnootaa dhiyaatan filachuufi kutaadhaan tartiibessuurratti kan fuulleffate ta'uu isaati.

Walumaagalatti, akka Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015) Allen (1984) wabeeffachuun kaa'anitti sirni barnootaa karoora barnoota waliigalaaf kan gumaachu yoo ta'u, silabasiin ammo qaama sirna barnootaa ta'ee kan ilaalamuudha**.**

### 2.1.2 Sirna Barnootaa Afaanii

Akka Richards (2001:1) ibsutti qophiin sirni barnootaa afaanii gaaffiilee kanaa gadiif deebii kanbarbaabaaduudhdha:

- *Fedhiiwwan barattootaa maali, akkamittis murtaa'uu danda'u?*
- *Amalli akeekaafi kaayyoo barsiisuu maali, akkamiinis qophaa'uu danda'a?*
- *Qabiyyee afaanii baratamu murteessuuf adeemsa akkamii fayyadamna?*
- *Sagantaa barnootaa afaanii karoorsuuf qabattoota galumsaa (contextual factors) akkamiitu ilaalamuu qabu?*
- *Silabasii qopheessuufi boqonnaalee koorsichaa qindeessuuf wantoota akkamiifaa of keessatti hammata?*
- *Saganticha keessatti barsiisuu gaariin akkamiin kennama danda'a?*
- *Meeshaalee Barnootaa qopheessuu, madaqsuufi filachuu keessatti dhimmoota akkamiitu hammatama?*
- *Bu'a-qabeessummaan barnoota afaanii akkamiin safaramuu danda'a?*

Yaadni armaan olii dhugummaa qaba; sababni isaas, sirni barnootaa maaliif akka barannuufi barsiifnu (kaayyoo), maal akka barannuufi barsiifnu (qabiyyee), akkamitti akka barannuufi barsiifnu (malaafi dalagaalee barachuu), maaliin akka barannuufi barsiifnu (meeshaalee barnootaafi) ammam akka baranneefi barsiifne (madaallii) kan ilaallatu waan ta'eefi.

### 2.1.3 Faayidaa Sirna Barnoota Afaanii

Sirni barnoota afaanii sirriitti qophaa'e tokko faayidaalee kanaa gadii akka qabu Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015:24) ibsanii jiru:

1. *Afaan kutaalee baay'ee walxaxoo ta'an waan ofkeessaatti qabaatuuf isaa kana qoqqooduun haala salphaa ta'een dhiheessuuf gargaara.*
2. *Barumsichi afaan sana eessaa ka'ee garamitti akka deemu eessarrattis akka dhaabbatu niagarsiisa.*
3. *Yaadiddamoota afaan barachuufi maalummaa afaanii ibsan ofkeessaa niqabaata.*
4. *Dhaabbilee yookiin manneen barnootaa barumsa afaanii barsiisan keessatti barumichi haala walfakkaatuun akka dhihaatu nitaasisa.*
5. *Madaalliin barnoota afaanii haala walfakkaatuun akka qophaa'uu nigargaara.*
6. *Haalli barumsichi itti dhihaatu tooftaan barumsichaa maal ta'uu akka qabu waan ibsuuf sirni barnoota afaanii qophaa'uun isaa barbaachisaadha.*

### 2.1.4 Meeshaalee Sirna Barnootaa

Tamsgeeniifi Tashoomaa (2015:11) Tomlinson (2012) wabeeffachaan maalummaa meeshaalee barnootaa afaanii yommuu hiikan, ‘meeshaa barnootaa jechuun adeemsa baruufi barsiissuu keessatti meeshaa gumaacha qabu kamiyyuu ilaallata. Qopheessitoonnis kaayyoo barumsichaatiif jedhanii kan qindeessan ta’uu qaba. Qopheessa meeshaalee jechuunis adeemsa qindeessuu, madaaluu, madaqsuu, sakatta’uufi qo’achuu hayyoota barnootaatiin raawwatu hunda kan of jalatti qabuudha.’ Dabalataanis, meeshaaleen kunneen “dokumentii sirna barnootaa, silabasii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi kkf ta’uu danda’u,”

#### 2.1.4.1 Silabasii

Silabasiin dokumentii sirna barnootaa keessaa isa tokkoodha. Akka Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015) ‘Silabasiin qindeeffama qabiyyee barsiifamuu, malleen qabiyyeewwan ittiin barsiifaman, kaayyoo galma ga’uu qabu kan of keessatti qabatuudha.’ Dabalataanis, silabasii barnoota afaanii yommuu hiikan, ‘Silabasiin barnoota afaanii waa’ee amala afaaniifi afaan barchuu kan ibsu ta’ee, kaayyoo galma ga’uu qabu tokko lafa kaa’uudhaan barsiisaafi barataadhaaf akka qajeelchaatti kan gargaaruudha,’ jedhu.

Haaluma walqabateen, Yalden (1987) akka ibsutti, silabasiin cuunfaa qabiyyee barattoonni baratan kan dhiyeessuudha. Afaan barsiisuu keessatti mmo gaaffiilee ka’an deebisuudhaaf qajeelfama waliigalaa kennuuf barsiisaas ta’e ogeessota barnootaa kan gargaaruudha.

Dublinifi Olshtain (1986:28) silabasii yommuu ibsan:

1. Dookimentii waan barattootni dhuma koorsiitti beekuun irra jiru ibsu.
2. Dookimentii kan yeroo koorsiin kennamu maaltu barsiifamuu yookiin
3. baratamuu akka qabu bifa hojii raawwatameefi hafe addaan baasuu.
4. Dookimentii qabiyyeen tokko yoom akka barsiifamuufi haala maaltu hojii
5. irra ooleefi hinoolleen sadarkaa adda addaatti fooyya’insi saffisaa ittiin
6. deemuu qabu kan agarsiisu
7. Ragaa barruu waanti addaan ba'ee beekame kun adeemsa ittiinbarsiifamuu qabu irratti yaada kenna.

Yaada kana irraa wanti hubannu silabasiin sirna barnootaa caalaa kan barachuu kutaan wal qabatu ta'a.Walitti dhufeenya barsiisotaafi barattootaan maaltu akka kutaatti ta'u agarsiisa. Qabiyyee filuufi sadarkeessuu xiyyeeffatee qaama qophii sirna barnootaa kan ta'eefi kan barumsaaf ka'umsa ta'udha jechuu dandeenya.

Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015:17) qabxiilee silabasiin ittiin beekamu shanan kanaa gadii tarreessanii jiru:

1. *Waa'ee barattootaa waan addeessu qaba. Baratoonni sadarkaa kam baratu, maal isaan barbaachisa, akkamitti hojjechuu qabu…kkf*
2. *Kaayyoo barumsichaa nikaa'a; kaayyoo barnootichi laatamuuf boqonnaalee hunda jalatti dhiyeessa, darbees kutaalee boqonnaa jala jiran hunda jlatti dhiyeessa.*
3. *Qabiyyee barumsichaa nitarreessa. Boqonnaa tokko jala mata duree gurgudoo dhiyeessa; ittaansee matadureewwan murtaa'oo dhiyeessa; isaan murtaa'oo jalattis mata dureewwan guureen yoo jiraatan nitarreessa*.
4. *Malleen ittiin barsiifamaniifi ittiin barataman nidhiyeessa. Kun mala kamiin yoo barsiisan qabiyyeen dhiyaate sun galma ga'uu akka danda'u yaada dhiyeessa. Itti dabalees, ga'ee barttootaa, ga'ee barsiisaa, kkf qaba.*
5. *Tooftaa madaallii ni'ibsa. Madaalliin semisteera keessatti taasifamu kutaa jalqabaatii kaasee kan geggeeffamu. Kun hojii barsiisaafi barattoonni kutaa keessatti raawwatamani.*

### 2.1.4.2 Qajeelcha Barsiisotaa

Akkuma maqaasaarraa hubannu qajeelchi barsiisaa meeshaalee barnootaa keessaa tokko ta'ee kitaaba barattootaarratti hundaa'uun kan qophaa'uufi wantoota barsiisonni kutaa barnootaa keessatti raawwachuu qaban, akkaataa itti barnooticha dhiyeessan kanneen barsiisaa deggeran kan ofkeessatti hammateedha.Yaaduma kana deggeruudhaan, Ministeera Barnootaa (2005:i) 'Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuuirratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan tokkooffaatti barsiisuuf haala mijeessa,'jechuun kaa'a.

Akka Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015) qajeelchi barsiisaa Afaan Oromoo kutaa tokkoo keessatti wantoonni kanaa gadii akka hammataman ibsu:

- Dhimmi kitaabichaafi qajeelcha sana keessatti dhiyaate akka ka'umsaatti nidhiyeessa.
- Kaayyoo kitaabichaa akkuma waliigalaatti ni'ibsa.

- Cuunfaa barreeffamootaa boqonnaa baqonnaa jalatti argamanii haaluma kitaabarra jiraniin nikaa'a
- Tooftaa barsiisaan qabiyyee kitaaba irratti dhiyaatanii fayyadamee ittiin barsiisu gabaabsee dhiyeessa.
- Deebii gilgaalota kutaa keessatti dhiyaatanii bal'inaan ibsee dhiyeessa; kanneen barattoota adda addaa biratti garaagara ta'uu malanis adda addummaa qabaachuu isaanii beekee barsiisaan akka hordofuu qabu xurree itti mul'isa.
- Dogoggoroota kitaaba barataa irratti mul'atan iddoo isaan itti argaman sirriitti eeruudhaan isa fooyya'e dhiyeessa.

Qabxiilee barsiisonni itti dabalanii akka barsiisan barbaachisan banaa gochuudhaan kallattii barsiisonni itti dabaluu danada'an daandii itti agarsiisa.

### 2.1.4.3 Kitaaba Barnoota Afaaniifi Qophii Isaa

Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015) kitaaba barataaf hiika yoo kennan,"kitaaba barataa kan jedhamu kan barattoonni kutaa keessatti fidanii barnoota isaaniif qophaa'e ittiin deggeramanii hordofan jechuudha," jedhanii kaa'u. Sirni barnoota afaanii yommuu qophaa'u tartiiba inni keessa darbuu qabu yommuu ibsanis, fedhiin hawaasaa, fedhiin dhaabbilee, fedhiin mootummaa kan barattootaa qoratamuun tarkaanfii duraa ta'uusaa eeruudhaan fedhiiwwan kanneen keessaayis fedhiin barattootaafi hawaasaa olaantummaan akka ilaalamuu qabu kaa'u. Fedhii barataafi fedhii hawaasaa yommuu hiikanis, barataan afaan sana keessatti maal beekuu akka barbaadu, hawaasnis warra afaan sana baratan irraa tajaajila akkamii akka inni eeggatu, waa'ee afaan baratamu sanaa keessaa maal akka baratan akka barbaadu xiinxaluu kan ilaallatuudha. Adeemsa fedhii sakatta'uutti aansee dhimmi ilaalamuu qabu haala qindoomina qabiyyeeti. Haala kanas hayyoonni kunnin yommuu ibsan, qabiyyeewwan qophaa'an ulaagaalee kanaa gadii guutuu akka qabniidha:

- *Qabiyyeewwan filataman kaayyoo barumsichaa waliin kan deeman ta'uu qabu.*
- *Namni qabiyyeewwan kanneen filus muuxannoo duraan qabiyyeewwan kanneen irratti qabuufi dubbisuudhaan kan argate ta'uu danda'a.*
- *Dubbisaan qabiyyeewwan argamaniis beekumsa xinqooqaa, wantoota beekumsa afaanii waliin wal-qabataniifi beekumsawwan dhimmicha waliin walittidhufeednya qaban ta'uu danda'u*

- *Haala qabiyyee itti qindeessinu yommuu ilaallus olee yookiin dalgeen (vertical and horizontal organization) ta'uu danda'u*

- *Qindoominni olee kutaadhaa gara kutaatti guddachaa kan deemu ta'uu isaa kan ibsuudha, jecha birootiin, akkuma kutaan guddachaa deemuun qabiyyeenis salphaadhaa gara walxaxaatti guddachaa kan deemuudha.*

Akka Tyler (1949) ibsutti, sirna barnootaa gaarii qopheessuuf qajeelfamoonni ijoon barbaachisoo ta'an sadii jiraachuu qabu. Isaanis: walittifufiinsa (countinuity), duraa duubummaa ykn dagaaginaafi (sequence) wal-hunatiinsa (integration) jedhamu.

Dabalataanis, kitaabni barataa yommuu qophaa'u silabasii kutaa baratamu sanaa irratti hundaa'ee hayyoota afaanii muuxannoofi ga'umsa olaanaa qabaniin ta'uusaa ibsanii jiru. Kanumaan walqabatee, hayyoonni kunniin kitaaba barataa afaan dhalootaa qopheessuu keessatti dhimmoonni kanaa gadiitti tarreeffaman xiyyeeffannoo argachuu akka qaban kaa'u:

- *Silabasii barnoota afaanii kutaa Sanaa*
- *Barataa, barsiisaa, hawaasaafi naannoo mana barumsaa addaan baasuu*
- *Yaadiddama afaan barachuu (theories of language learning)*
- *Boqonnaalee murteessuu (deciding the number of chapters)*
- *Dandeettiiwwan afaanii tartiibessuu (ordering language skills)*
- *Dubbisa filachuu (selecting exercise)*
- *Shaakalawwan qindeessuu (organizing exercises)*
- *Gulaaluu (editing)*
- *Madaaluu (evaluating)*
- *Maxxansiisuu (printing)*
- *Raabsuu (Distributing)*

Akka hayyota kanneenitti kitaabni barataa yommuu qophaa'u eenyummaa barataa afaanii, eenyummaa barsiisaa, eenyummaa hawaasa afaan sana dubbatuu, haala naannoo manneen barnootaafi yaaxxinoota afaan barachuu bu'uureffachuun ta'uu qaba.

Walumaagalatti, yaada oliirraa wanti hubatamu kitaabni barattootaa yommuu qophaa'u eenyummaa barataa jechuunis fedhii, dandeettii, kaayyoofi ilaalcha barataa irratti kan hundaaa'e, eenyummaa barsiisaa jechuunis dandeettii, sadarkaafi haala leenjii barsiisotaa kan bu'uureffate, eenyummaa hawaasa afaanichaa jechuunis fedhii, aadaa, seennaa, falaasama, amantaa hawaasichaa hubachuurratti kan xiyyeeffatu, haala naannoo manneen barnootaa jechuunis bulchiinsa manneen barnootaa biyyichaa, leecalloo jiran mijaa'ina kutaa barnootaa kan ilaallatuufi yaaxxinoota afaan barachuu jechuunis maleenyaafi malleen (approach and

method) kanneen akka maleenya seer-lugaa (grammatical approach), mala sammuu (cognitive method), mala dubbisuu (reading method), maleenya haala irratti hundaa'e (situational approach), tooftaa barnoota afaan hawaasummaa (community language learning), maleenya waliigaltee (communicative approach) ykn maleenya uumamaa (the natural method) ittiin kitaabichi qophaa'u murteessuu akka malu nihubatama.

Akka Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015) faayidaalee kitaaba barataa barnoota afaanii warra kanaa gadiiti:

1. Maal akka barsiifnuufi tartiiba ittiin barsiifnu adda baaseeti nutti agarsiisa.
2. Haala kallattii ykn miti- kallattii ta'een malawwan fayyadamuu qabnu nutti agarsiisa.
3. Meeshhaalee barbaachisan hunda nutti agarsiisuu dandaa'a.
4. Barsiisotaaf yeroo niqusata.
5. Karoora barnootaa qopheessuufis kan gargaaruudha.

Kanumaan walqabasiisuun, haala dhiyaannaa kitaaba barnootaa ilaalchisee akka ibsanitti, kitaabileen barnoota afaanii bifa lamaan akka dhiyaataniidha: kitaaba barnoota afaanii duriifi (traditional language text book) kitaaba barnoota afaanii waliigaltee (communicative language text books)

Kitaabni barnoota afaanii durii unkaa afaanii, dandeettiiwwan dubbisufi barreessuu, sirrummaa seer-lugaa madaallii qormaata barreeffamaa, mala barsiisaa giddu-galeeffate irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, kitaabni barnoota afaanii waliigaltee ammoo tajaajila walii galtee afaanii, fedhii barattootaafi wantoota isaan barbaachisu, gocha barachuu barattoota giddu-galeeffateefi barsiisaanis ta'e barataan yeroo baay'ee fudhatanii akka itti qophaa'an taasisuu irratti kan xiyyeeffateedha.

### 2.1.5 Madaallii Meeshaalee Barnootaa

Maalummaa madaallii meeshaalee barnootaa ilaalchisee, (Tomlinson, 2012) yommuu ibsu, madaalliin meeshaalee barnootaa adeemsa sona ykn bu'a-qabeessummaa meeshaaleen barumsaa qaban safaruu kan ilaallatu ta'ee, waa'ee bu'aa inni namoota meeshaalee kanneenitti fayyadamanirratti fiduurratti murtii kennuu ofkeessatti kan hammatufi wantoota kanaa gadii hunda ykn gamisaan safaruu kan yaaluudha:

1. Meeshaaleen barnootaa kunniin yaada barattootaa kan hawwatu ta’uu isaanii
2. Meeshaaleen kunniin barattootaaf, barsiisotaafi hoggantootaaf amansiisummaa (credibility) qabaachuu
3. Sirrummaa meshaalee kanneenii
4. Amanamoo (reliability) ta’uu isaanii
5. Dandeettiin meshaalee kanneenii barattootaafi barsiisota harkisuu isaanii
6. Dandeettii isaan ittiin barattoota kakaasan
7. Kallattii barachuu yeroo gabaabaatiin bu’a-qabeessummaa qaban( fakakkeenyaaf raawwii yeroo yaaliifi(test), qormaataa)
8. Gama barachuu yeroo dheeraatiin (fakkeenyaaf, dandeettii afaaniifi wal-quunnamtiitiin) bu’a-qabeessa ta’uusaanii
9. Bu’a- qabeessummaa meeshaalee kanneenii irratti yaada barattoonni qaban
10. Hubannoo barsiisonni meeshaalee kanneen irratti qaban
11. Gama qophii, dhiyeessiifi madaalliitiin deggersa isaan barsiisotaaf godhan
12. Jijjiiramummaa (flexibility) isaanii
13. Dagaagina barsiisotaaf gumaacha isaan godhan
14. Ulaagaalee hoggansi gaafatuun wal-simachuu isaanii

### 2.1.6 Gosoota Madaallii Meeshaalee Barnootaa

Gosoota madaallii meshaalee barnoota adda addaatu jiru. Gosoota hundumaafuu adeemsa waliigalaa hojiirra oolchuun yoo danda’amuu baates gosoota madaallii meeshaalee hundaaf, qajeelfamoota bu’uuraa hojiirra oolchuu nidanda’ama (Tomlinson, 2012).

Hayyichi haala yeroo itti fayyadamnuu irratti hundaa’uun bakka gurguddoo sadiitti qoodee jira:

1. Madaallii fayyadamaan duraa (pre-use Evaluation)
2. Madaallii yeroo fayyadamaafi (Whilst-use Evaluation)
3. Madaallii fayyadamaan boodaa(post-use Evaluation)

Gosi inni jalqabaa, faayidaa meeshichi fuula duratti fayyadamtootaaf kennu tilmaamuu ofkeesstti kan hammatuudha. Madaalliin kunis qabxiilee kanaa gadiirratti akka hundaa’u eereera:

- Tokkoon tokkoo gaaffii, gaaffii madaalliitii?

- Tokkoon tokkoo gaaffii, gaaffii tokko qofa gaafataa?
- Tokkoon tokkoo gaaffii deebii nikennaa?
- Tokkoon tokkoo gaaffii barsiisa duriirraa walabaa?
- Tokkoon tokkoo gaaffii, madaaltota birootiin bifa walfakkaatuun hiikamuunsaa amansiisaadhaa?

Madaalliin yeroo fayyadamaa ammoo itti fayyadamaa utuu jiranii bu’a- qabeessummaa meshaalee barnootaa itti fayyadamaa jiran sana madaaluu kan ilaallatuudha. Gosni madaallii kun utuu itti hinfayyadamin waan ta’uuf jiru tilmaamuu caalaa safaruurratti waan xiyyeeffatuuf madaallii fayyadamaan duraa caalaa qabatamaafi amansiisaa ta’uu danda’a. Madaallii yeoo fayyadamaa kana keessatti sirriitti maal maal akka madaalaman kan walfalmisiisu yoo ta’ellee, wantoota kanaa gadii ofkeessatti hammachuu akka danda’u kaa’eera.

- Ifummaa qajeelfamootaa
- Ifummaa teessuumaa(layout)
- Hunda galeessummaa barreeffamootaa(comprehensibility of texts )
- Amanamummaa gilgaalotaa
- Qaqqabamuu gilgaalotaa (Achievability of tasks)
- Qaqqabamuu galtee kaayyoolee (Achievement of performance objectives)
- Dandeettii naannoon walqabsiisuu qabaachuu
- Qabatamummaa meeshaalee barnootaa
- Dandeettii barsiisuu meeshaalee sanii
- Jijijjiiramuu danda’uu meeshaalee sanii
- Hawwachuu danda’uu meeshaalee sanii
- Dandeettii kakaasuu meeshaalee sanii
- Dhiibbaa meeshaaleen kunniin geessisan
- barachuu yeroo gabaabaa mijeessuuf bu’a- qabeessa ta’uu isaanii

Ulaagaaleen madaallii kanaa olii meeshaalee barnootaa tajaajila kennaa jiran daawwachuun hojiirra ooluu kan danda’an ta’ullee, meeshaalee safartuu dursa qopheeffachuun al-takkaatti

ulaagaa madaallii tokkorratti xiyyeeffachuun madaaluun caalaatti raga amansiisaa argachuun nidanda’ama.

Madaalliin fayyadamaan boodaa tarii baa’ee bu’a-qabeessa yoo ta’es baay’ee kan hingeggeeffamne dha. Sababni isaas, bu’aa qabatamaa meeshaalee harka fayyadamtootaa jiru safaruu waan danda’uufi. Bu’aa barachuu yeroo gabaabaa kanneen akka si’ayinaa, dhiibbaa, qaqqabamuu danda’uu, battalatti barachuufi kkf safaruu danda’a. Akkasumas, walitti fufiinsaafi raawwii ilaalchisee bu’aa barachuu yeroo dheeraa safaruu danda’a. Bu’aan safaruu madaallii meeshaalee fayyadamaan boodaa kanneen armaan gadii hammata:

- yaaliiwwan (tests) meeshaalee baratanirraa argaman
- yaaliiwwan waan barattoonni gochuu danda’anirraa argaman
- Qormaata garaagaraa
- Afgaaffiilee
- Bargaaffiilee
- Madaallii ulaagaawaa
- Qabsiisa barnootaan boodaa(post- course diaries)
- Gabaasa barnootaan boodaa barsiisota gosa barumsaatiin dhiyaataniifi kkf.

Haata’u malee, bu’aa faayyadamaan boodaa haala amansiisaa ta’een safaruuf yeroofi dandeettii kan gaafatu ta’uunsaa ibsameera.

Akka Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015:204-205) ibsanitti kitaabni barnootaa afaanii yookiin meeshaaleen barnootaa afaanii gaaffiilee shanan kanaa gadii kan deebisan ta’uu qabu:

1. Kaayyoo barumsichaa galmaan ga’uuf hammam ga’umsa qaba?
2. Raawwii shaakala kutaa keessaa ammam ifaan ifatti deggera?
3. Gochawwan barataafi barsiisaa ammam adda baasee hojiirra oolcha?
4. Gochawwan ykn shaakalawwan barattoonni raawwataniifi duubdeebiin akkaataa
5. Walumaagalatti, dandeettiiwwan afaanii tartiiba haala dhiyeenyaa, malaafi raawwii isaaniitiin dhiyeessuuf nigargaaraa?

Yaada hayyoota kanneeniirraa wanti hubatamu kitaabni barataa barattoota sadarkaa garaagaraarra jiraniif qophaa’u ulaagaalee armaan olitti ibsaman kanneen yoo guutee argame kitaaba barnoota afaanii gaarii ta’uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun, madaallii kitaaba barnoota afaanii ilaalchisee, Richards (2019) akka ibsutti, madaalliin kitaaba barataa sadarkaalee garaagaraatti qoodamuun akka danda'amu eeruudhaan itti fayyadamaan dura (madaallii duraa), madaallii yeroo fayyadamaafi madaallii fayyadamaan boodaa jechuudhaan bakka sadiitti qooda.

Akka yaada hayyuu kanaatti madaalliin kitaaba barataa sadarkaa madaalliin duraa wantoota gurguddoo barbaachisan lama addaan baasuuf kan fayyadu ta'uusaa kaa'a: gulantaa ibsaa ykn qaaccessaafi gulantaa hiikaa ykn madaallii jedhamu. Gulantaan qaaccessaa jalqabaa keessatti daangaa qabiyyeewwan kitaabichaafi duraa duuba isaa, qindoominni qabiyyeewwaniifi akaakuu barreeffamoota achi keessatti hammatamaniifi kallattii gilgaalotaatiin sirriitti ibsamuu kan qabaniidha. Qaaccessi gulantaa kanaa odeeffannoo kanaa gadii beekuu ofkeessatti qabata:

- Akeekaafi kaayyoowwan kitaabichaa (Aims and objectives of the book )
- Sagarkaa kitaabichaa
- Dandeettiiwwan dhiyaatan (Skills addressed)
- Mata dureewwan hammataman
- Haalota inni yaadameef (Situations it is intended for)
- Barattoota galtee
- Yeroo inni gaafatu
- Ruuqooleesaa (components)
- Baa'inaafi dheerina boqonnaalee
- Qindoomina boqonnaalee (organization of units)

Galantaan madaallii yeroo madaalliin duraa ammoo murtii kennuu ofkeessatti kan qabatu waan ta'eef baay'ee ulfaataadha. Sababni isaas, murtiin kennaman namaa gara namaatti garaagarummaa waan agarsiisaniifi. Kanaafuu, gareen madaaluun yeroo baa'ee bu'a-qabeessa ta'a. Gulantaa qaaccessa madaalliin duraa dabalatee akka waliigalaatti madaalliin kitaaba barataa dhimmoota kanaa gadii hammachuunsaa ibsameera:

- **Galma**: kitaabichi maal fiixaan baasuuf akka barbaaduufi bu'aan barachuus akkamiin adda baafaman?

- **Silabasii**: kitaabichi silabasii akkamiirratti hundaa'e? silabasichi gahaadha moo kan biro itti dabaluu barbaachisa?
- **Hammatoo yaaxxinaa**: kitaabichi yaaxxinaalee afaan barachuu kamirratti hundaa'e? yaad-rimee waa'ee yaaxxina achi keessa kaa'ame hubannoo nikennaa?
- **Mala**: kitaabchi mala barsiisuu kamirratti hundaa'e? Haala peedaagoojiitiin sirrummaa qabaa?
- **Qabiyyee afaanii**: qabiyyee afaanii kamiin qabateera? Qabiyyichi ammoo hangam sirraawaafi bu'a-qabeessa? Sadarkaan ulfaatina isaa barattoota kan gituudhaa?
- **Qabiyyee biroo**: mata dureewwan akkamiifi ergaa akkamiitu uwwifameera? Barattoota sanaan kan gitaaniidhaa?
- **Qindoomina:** kitaabichi boqonnaaleefi barannoowwanitti sirriitti qoqqoodamee tokkoo tokkoo barannoo keessatti kaayyoon gilgaalaa ifatti addaan ba'eeraa? Boqonnaaleen jiran wal-qabannaa, qindoomina walitti fufiinsaa kan qabaniifi guutummaa kitaabichaa keessatti ulfaatinni irraa jalaan dabalaa nideemaa?
- **Barsiisaa harkisuurratti**: kitaabichi barsiisuudhaaf salphaa fakkaataa? Ofgahaadha moo barsiisaan/tuun meeshaa dabalataa qopheessuu barbaada? Leenjii addaa kan barbaaduudha moo barsiisota muuxannoo xinnoo qabaniin barsiifamuu danda'a? Barsiisota afaan dhalootaa dubbataniifi afaan dhaloota hindubbanneen barsiifamuu danda'aa?
- **Barataa harkisuurratti**: hangam baratoota hirmaachisa? Saxaxi kiataabichaa (fakkiiwwaniifi danaalee dabalatee) barattoota niharkisaa? Mata dureewwaniifi gilgaalota achi keesaaf sadarkaa akkamii kennu? Barumsichi fedhii barumsa afaanii isaan qabaniin sirriitti kan wal-simatuudhaa? Ruuqooleen ofiin qo'achuu (self study components) hammatamaniiruu?
- **Meeshaalee dabalataa**: qajeelcha barsiisaa, kitaaba dalagaa (workbook), yaaliiwwan (tests), deggarsi lakqurxaawaafi (digital) marsariitii (web) jiruu? Isaan kun maxxanfamanii ni'argamuu?
- **Gatii:** warri bitatan salphaatti argachuu danda'uu?

Madaallii yeroo fayyadamaa daree barnootaafi itti quufiinsa barattootaan walqabsiisuun madaalliin yeroo fayyadamaa kitaabichi daree barnootaa keessatti hangam akka hojiirra

jirurratti xiyyeeffachuusaa eeruudhaan barattootaafi barsiisotarraa odeeffannoo sassaabuun kitaabicha madaaluu kan ilaallatuufi kaayyoowwan kanaa gadiitiif akka fayyadu (Richards, 2019) lafa kaa’a:

Kitaabichi qabatamaatti haala gaarii akkamiin akka hojetaa jiruu kaayyoon isaas hangam akka fiixaan ba’e duubdeebii kennuuf

- kitaabilee batattootaa haala bu’a-qabeessa ta’een galmeessuufi barsiisonni biroon akka itti hirmaatan gargaaruuf
- Madaqiinsa kitaabicharratti godhame galeessanii kaa’uuf

Gara dhumaatti, faayidaa madaalliin fayyadamaan boodaa qabu yommuu kaa’u, kitaabichi sagantaa barnootaa gara fuula duraarratti hojiirra ooluufi dhiisuusaa murteessuuf odeeffannoo dhiyeessuuf kan gargaaru akka ta’e ibseera.

Odeeffannoon gadi fagoo adeemsa kitaabilee barattootaa madaaluurraa argamu yeroo dheeraa kan fudhatu ta’ullee, yommuu kitaabileen haaraa maxxanfamuuf murtaa’u galtee (input) guddaa waan ta’uuf kallattii itti fufiinsa kitaabilee itti fayyadamaa jiraniirratti dhiibbaa barsiisonni geessisan guddaa ta’uusaas kaa’ee jira.

Akka Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015:208) gosoonni madaallii kitaaba barnoota afaanii lama: madaallii alaafi (external/ macro evaluation), madaallii keessoo (internal or micro evaluation) jedhamu. Madaalliin alaa haala waliigalaa qindoomina kitaabichaa madaaluuf kan gargaaru madaallii unkaa yommuu jedhamu, madaalliin keessoo ammoo akkuma maqaasaarraa hubatamu keessa kitaabichaa gadi fageenyaan madaaluuf kan fayyadu madaallii qabiyyee jechuu dandeenya.

Haaluma walqabateen, madaalliin keessoo kitaaba barataa dhimmoota kanaa gadiirratti akka xiyyeeffatu ibsanii jiran:

> *Sirrummaa qabiyyee, sadarkaa sanaaf kan madaalu ta’uu isaa, shaakala gaarii qabaachuu isaa, salphaadhaa gara cimaatti deemuu isaa tartiiba sirrii qabaachuu isaa, silabasii waliin walsimachuu isaa, qajeelfama sirriifi ifaa ta’e qabaachuu isaa, barataa hundaaf kan oolu ta’uu, mala barataa giddu-galeessa taasise hojiirra oolchuu isaa,* d*andeettiiwwan afaanii hunda kan guddisu, fedhiifi eenyummaa barataa kan deggeru*

Dabalataanis, hayyoonni kunniin Tomlinson (2009) wabeeffachuun meeshaalee funaansa ragaa madaallii kitaabaa ykn sirna barnootaa bargaaffii, cheeklistii, daawwannaa, sakatta'a kitaabaa ykn sirna barnootaa ta'uu akka dandaa'an ibsaniiru.

Qabxiileen madaallii kitaaba barataa ulaagaalee asiin gaditti tarreeffaman hammachuu isaa Tamasgeeniifi Tashoomaa (2015:261-262) yommuu ibsan,

**Madaallii mijaa'ina fuula kitaabichaa:** inni kun qabxiilee armaan gadiirratti bu'uureffata:

1. Mijaa'inni fuula kitaabichaa iftoomina qabaa?
2. Fuulli irra keessaa hawwataadhaa?
3. Umrii dheeraa qabaachuu danda'aa?
4. Baafanni kitaabichaa qabiyyee kitaabichaa ilaalchisee yaada guutuu kennaa?
5. Gastiin isaa madaalawaadhaa?
6. Kitaabichi salphumatti argamuu danda'aa?
7. Qajeelchi barsiisaafi meeshaaleen biroo isa deggeran salphumatti argamuu danda'uu?

Qabxiilee madaallii biroo kan jedhaman ammoo:

1. Fakkiiwwan adda addaa qabaachuu isaa
2. Kaayyoowwan kitaabicharra jiraachuu isaanii
3. Qajeelfamoonni jiran iftooma qabaachuu isaanii
4. Shaakalli gosa adda addaa jiraachuu isaanii madaaluu
5. Dandeettiiwwan afaanii walqixa jiraachuu isaanii
6. Haala itti fayyadama afaanii madaaluu
7. Qabiyyee kitaabichaa madaaluu
8. Bakka bu'ummaa aadaa kitaabicha keessatti argamu madaaaluu
9. Haala eenyummaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa kan galche ta'uu isaa madaaluu
10. Ga'umsa waliigalaa kitaabichaa madaaluu
11. Fuulli hawwataa ta'uu isaafi ga'umsa fakkiiwwan, chaartiiwwan, gabateewwaniifi giraafiiwwan adda addaa kitaabicha keessa jiran madaaluu

12. Haala ga’umsaafi itti fayyadama afaanii

13. Gahee barattoonnifi barsiisonni kitaabicha keessatti qaban madaaluu

14. Haala qindoominaafi tartiiba qabiyyeewwan kitaabichi qabu madaaluu

Haaluma walqabateen, meeshaalee madaallii keessaa cheeklistiin isa tokko ta’ullee, qabxiileen madaallii kunneen ciminaafi hanqina jechuun bakka lamatti qooduun nidanda’ama (Tamasgeeniifi Tashoomaa 2015).

Walumaagalatti, yaada hayyoota oliirraa wanti hubatamu madaallii kitaaba barataa geggeessuun adeemsa garaagaraa gulantaalee gurguddoo sadii keessa darbu qabaachuu isaati; gulantaaleen kunniin haala yeroo fayyadama kitaabichaarratti kan hundaa’u ta’ee, gulantaa kamiin akka fayyadamnu kan murteessu ammoo kaayyoo madaallii keenyaati jechuun nidanda’ama.

Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti kitaabileen madaalaman ulaagaalee olitti dhiyaatan hunda keessaa haala qindoomina qabiyyeewwan kitaabilee kutaa1fi 2 qaban irratti ta’ee, waliitti hidhannaa isaan qabiyyeewwan gosoota barnootaa biroo kutaalee kanneenitti kennaman wajjin qaban, qindoomina walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeewwanii bararannoodhaa gara barannootti jiruufi akkaataa gurmaa’ina qabiyyeewwan BAO kutaalee lamaan giddutti mul’atu xiinxaluurratti kan fuulleffateedha.

### 2.1.7 Maalummaa Yaadrimee Qindoomina Qabiyyeewwan Barnootaa

Hariiroo sirna barnooootaa ilaalchisee Tyler (1949) akka ibsutti kaayyoolee barnootaa barbaadaman bira ga’uuf qabiyyeewwan barataman qindeessuun barbaachisaa ta’uusaa kaa’a. Sababni qindoominni kun dhimma murteessaa ta’eefis yommuu ibsu, bu’aa baruu barsiisuufi jijjiiramoota gurguddoo barnooti barattootarratti fidurratti dhiibbaa guddaa waan geessisuufi jedha.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, kaayyooleen barnootaa barbaadaman galama ga’uu kan danda’an, adeemsi baruu barsiisuus mikaa’uun jijjiiramoonni gaariin barattootarratti kan dhufuu yoo qindoominni qabiyyee jiraateedha.

Adeemsa ijaarsa qindoomina qabiyyeewwan barnootaa keessatti ulaagaaleen gurguddoon sadii jiraachuu akka qaban kaa’a. isaanis, walitti fufiinsa(continuity), dagaaginaafi(sequence) hunatiinsa(integration) jedhamu.

Walitti fufiinsa jechuun qabiyyeewwan baratamam dabalaa hanga deeman fufiinsi yaadaa isaan gidduu jiraachuu akka qabu agarsiisa. Bu'uurri qajeelfama Dagaaginni qabiyyee yommuu jennu qabiyyeewwan dhiyaatan sadarkaa dagaagina barattootaa waliin babal'achaa deemuu isaanii kan ilaallatuudha. Fakkeenyaaf, qabiyyeewwan barattoota kutaa lammaffaaf dhiyaatan kanneen barattoota kutaa tokkoffaaf dhiyaatanirra dagaagina qabaachuu qaba jechuudha.

Qajeeltoowwan hunatiinsaa(integration) yommuu ilaallu ammoo qabiyyeewwan barattoonni gosa barnootaa tokko keessatti baratan gosa barnoota biroo sadarkaa sana jiru keessatti kan fayyadu ta'ee mul'achuu akka qabutti ibseera. Fakkeenyaaf, qabiyyeen gosa barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1 qabiyyeewwan Afaan Ingilizii, Estetiksii Guddinaafi Jabeenya Qaamaa, Saayinsii Naannoofi Herrega keessatti mul'achuun barattoota fayyaduu danda'uu qaba jechuudha.

Yaada oliirraa wani hubatamu, maleenyi sirna barnootaa wal-unatee barattoota hariiroo qabiyyeewwanii hubachuurratti kan milkeessu, gosa barnootaan osoo hindaangeffamin naannoo barachuu mijeessuun hariiroo cimaa barataafi barsiisaa gidduutti kan uumuufi hariiroofi walitti hidhannaa gosoota barnootaa gidduu jiru barattootatti agarsiisuun kan jajjabeessuudha.


Gama birootiin, Dirribaa (2016) Tashoomaa (1998) wabeeffachuun waraqaa qorannoo isaa keessatti akka ibsetti, qabiyyeen barnoota afaanii yommuu filatamu kaayyoo barnootaan kan walsimu ta'uu akka qabu eeruudhaan haalli qabiyyeen barnootichaa itti qindaa'u lama ta'uu akka danda'u ibsa: qindoomina oleefi (vertical organization), qindoomina dalgee (horizontal organization).

Qindoominni oleefi (vertical organization) qabiyyeen baratamu kutaa tokkoo gara kutaa ittaanuutti guddachaafi bal'achaa deemuusaa kan agarsiisuudha. Kunis walitti fufiinsaafi duraa duubummaa qabiyyeewwaniitiin kan dhugoomuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Tasfaayee (1981) yaada qindoomina qabiyee yommuu ibsu, qabiyyeewwan barumsaa haala quubsaa ta'een qindeessuuf wantoonni ijoon sadii guutamuu qabu: walitti fufiinsa, dagaaginaafi wal-hunatiinsa jedhamu. Walitti fufiinsi qindoomina olee keessatti gahee olaanaa kan qabuufi gosa barumsaa tokko keessatti qabiyyeewwan jiran irra

deddeebi’uun kan dhufaniifi gabbachaa kan itti deemaniidha. Dagaaginni ammoo walitti fufiinsaa wajjin kan walfakkaatu ta’ullee, dhimma qabiyyeewwan sadarkaa isaanii eeggatanii gadi fageenyaan dhiyaachaa deeman kan ilaallatuudha. Dagaaginni dhimma irra deddeebii utuu hinta’in, dhimma babal’inaan gabbachaa deemuu kan ilaallatu yoo ta’u, wal-hunatiinsi ammoo qabiyyeewwan sirna barnootaa keessa jiran walitti dhufeenya dalgee qabaachuu isaanii kan agarsiisu ta’uusaa kaa’eera.

Akka yaada kanaa oliitti hariiroo dalgee BAO kutaa 1fi2 gosoota barnootaa biroo waliin qabu danaa armaan gadiitiin agarsiisuun nidanda’ama.




Danaa 1: Hariiroo dalgee BAO kutaa 1fi 2 barnoota biroo waliin qaban agarsiisu

### 2.1.8 Gosoota Hariiroo Sirna Barnootaa

Akka Tyler (1949) ibsutti haalli qabiyyeewwan baratamu itti qindaa’an gosoota gosoota lamatu jiru. Isaanis: qindoomina sarjaafi (olee) qindoomina dalgee jedhamu. Qindoominni olee hariiroo qabiyyeewwan gosa barnootaa tokkoo sadarkaa kutaalee adda addaatti waliin qaban kan ilaallatu yommuu ta’u, qindoominni dalgee ammoo hariiroo qabiyyeewwan gosoota barnootaa adda addaa sadarkaa kutaa tokkoorratti barsiifaman waliin qaban kan ilaallatu akka ta’e ibsee jira. Fakkeenyaaf, hariiroon Barnooti Afaan Oromoo kutaa 1fi kan kutaa 2 qaban hariiroo olee yommuu jedhamu, hariiroon barnoota Afaan Oromoo kutaa 1fi gosoota barnootaa kutaa tokkoffaatti barsiifaman kanneen akka Afaan Ingilizii, Saayinsii Naannoo, Esteetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaafi Herreegaa wajjin jiru ykn hariiroon barnoota Afaan Oromoo kutaa 2fi gosoota barnootaa kutaa lammaffaatti barsiifaman kanneen

akka Afaan Ingilizii, Saayinsii Naannoo, Esteetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaafi Herreegaa wajjin jiru ammoo hariiroo dalgee jedhama jechuu dandeenya.

Akka yaada kanaa oliitti qindoominni qabiyyee barnootaa olee beekumsa gosa barannoo tokkorraa argamu guutummaa gosa barumsaa baratamu sanaan walqabsiisuu yoo ta'u, sirni barnootaa dalgee ammoo beekumsa kutaalee garaagaraa keessatti baratamu ykn qabiyyee gosoota barnootaa garaagaraa kan wal-hunachiisu ta'uu isaati. Akkaataan qindoomina gosoota lamaanuu ammoo sirna barnootaa wal-hunataa keessatti akka hojiirra oolanis nihubatama.

Yaada hayyuu kanaa deggaruudhaan Tasfaayee (1981 ) haala qindoomina qabiyyee bu'uura yeroofi gosa barnoota baratamuurratti hundaa'uun bakka lamatti qooduun akka danda'amu kaa'a: hariiroo dalgeefi hariiroo qajeeltoo (olee) jedhamu. Haala kanaan, qabiyyeewwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 1fi qabiyyeewwan gosoota barnootaa kutaa sanatti kennaman walbira qabnee yommuu qorannu hariiroo dalgee ilaaluu keenya yommuu agarsiisu, qabiyyeewwan gosoota barnoota Afaan Oromoo kutaa 1fi qabiyyeewwan barnoota Afaan Oromoo kutaa lamaa yommuu qorannu ammoo hariiroo qajeeltoo ilaaluu keenya kan agarsiisuudha. Qindoominni dalgee ammoo qabiyyeen gosa barumsaa tokkoo achuma keessatti babal'achaa deemuu ykn gosi barumsaa tokko gosoota barumsaa kutaa sanatti kennamuu wajjin walitti dhufeenya qabaachuu isaa kan ilaallatuudha.

#### 2.1.8.1 Barbaachisummaa Hariiroo Olee

Yaada hayyootaa kanaa olii irratti hundaa'uun qindoominni olee qabiyyeen baratamu kutaa tokkoo gara kutaa ittaanuutti guddachaafi bal'achaa deemuusaa kan agarsiisu akka ta'eefi kunis walitti fufiinsaafi duraa duubaan dagaagaa deemuu qabiyyeewwanii kan dhugoomsu ta'uusaa addaan baafnee jirra.

Akka Tyler (1949) ibsutti hariiroon olee qabiyyeewwan gosa barnootaa gidduu jiru sadarkaa dagaagina sammuu barattootaa waliin waan walqabatuuf beekumsa ceesisuufi fedhii isaanii waliin deemuuf barbaachisaadha.

Akka Tamasgeeniifi Tashoomaa(2015) ibsanitti qindoominni olee kutaadhaa gara kutaatti guddachaa kan deemu ta'ee qabiyyeewan salphaarraa gara walxaxaatti guddachaa kan deemu waan ta'eef waan beekanirraa gara isaa hinbeeneetti ykn qabatamaarraa gara waan

hinhinmul’anneetti dhiyaataa waan deemuuf gita daa’imman irra jiraniin barnoota kennuuf kan faayyaduudha.

Ornstein and Hunkins (2009) akka ibsutti ammoo “ continuity refers to vertical organization of content and experiences, sequence emphasizes the importance of building each successive experience up on the preceding one, jechuun qindoominni olee jiraachuun walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeewwan baratamanii eeguuf kan gargaaru ta’uusaa kaa’a.

Yaada hayyootaa kanaa oliirraa akkuma hubatamu faayidaan sirna barnootaa olee:

- Qabiyyeen dura baratan  isa ittaanuuf kan barattoota  qopheesssuudha
- Gosa barnootaa kennamu keessatti beekumsiifi ogummaan baratamu dagaagaa akka deemu taasisa
- Wantoonni barataman kan biroon yommuu itti dabalamaa babal’achaa deeman beekumsiifi ogummaan bu’uuraa dabalaafi jabaachaa akka deeman godha
- Beekumsa sadarkaa olaanaatti ijaaruurratti xiyyeeffachuun guddachaa kan deemuu ta’uu isaati.

Sadarkaa barnootaa olee keessatti qabiyyeen dhiyaatu sadarkaa sadarkaan dagaagaa kan deemuudha. Dagaaginni qabiyyee ammoo irra deddeebi’uu qofa osoo hintaane sadarkaadhaan dabalaafi gadi fageenyaan dhiyaachuun cimaa kan deemu ta’uunsaa nihubatama (Tasfaayee 1981).

Walumaagalatti, sirni barnootaa hariiroo oleen qindaa’ee barattoota gulantaa ittaanuuf kan qopheessu beekumsaafi ogummaa barachuu barattootaa kan dagaagsuufi sadarkaa tokkoo gara sadarkaa birootti ceesisuuf kan gargaaruudha.

#### 2.1.8.2 Barbaachisummaa Hariiroo Dalgee


Qabiyyeewwan kitaabaa gosa barnoota tokko barsiisuuf qophaan qabiyeewwan kitaabilee gosoota barnootaa kaawwanii wajjin kan walhunataniifi yaadrimee walsimataas qabaachuu qabu. Akkas ta’uu baannaan wanti barataan qabachuu qabu kan bittimmaa’e ta’a (Tasfaayee 1981).

Akka Tyler (1949) jedhurrattis hariiroon barnoota dalgee gosa barumsaa tokko qabiyyeewwan gosoota barnootaa sadarkaa kutaa sanatti barataman biroo wajjin walcina akka ilaalamu kan taasisuudha. Dabalataanis, wal-hunatiinsa jechuun kan yaadrimeewwan bu’uuraa gosa barumsaa tokkoo gosoota barnootaa biroo wajjin itti wal-hunatan ta’uusaa kaa’ee jira. Kana jechuun qabiyyeewwan gosa barumsaa tokko keessatti dhiyaatan irra deddeebi’amanii gosoota barnootaa biroo keessatti akka qindaa’anii dhiyaatan taasisuu jechuudha. Fakkeenyaaf, *tuqaaleen sarara bocuun* BAO kutaa 1keessatti dhiyaate, barnoota E.G.J.Q kutaa 1 keessattis dhiyaatee jira. Akkasumas, *nagaa walgaafachuun* kitaaba BAO kutaa 1 keessa jiru, kitaaba Afaan Ingilizii kutaa 1 keessattis “*greetings*” jechuun kaa’amee jira. Hariiroon dalgee walitti dhufeenya gosoota barnootaa kutaa tokko keessatti barataman kan ilaallatuudha. Kun ammoo, qabiyyeewwan sadarkaa kutichaatti kennaman wal-hunachiisuun kan mul’atuudha.

Yaada hayyotaa oliirraa akka hubatamutti barnoonni walhunataan faayidaalee armaan gadii qabaata:

- Waan gosa barnootaa tokko keessatti baratan gosoota barnootaa biroo keessatti irra deebi’anii yommuu baratan wantoota baratan sanarratti hubannoo waliigalaa akka cimsatan kan taasisuudha.
- Barattoonni gosa barumsaan osoo hindaangeffamin barumsa hunda-galeessa akka argatan godha.
- Daa’imman dandeettii wantoota addunyaa keessatti argaman walitti fidanii hubachuu akka dagaagfatan gargaara.
- Carraa kalaquufi gadi fageessanii yaaduu isaaniif kenna.
- Daa’imman yaadaafi fedhii isaanii akka ibsataniif carraa kennaaf.
- Carraa barachuu akka waan hiika guutuu qabu tokkootti (meaningful whole) ilaaluu barattootaaf kenna jechuu dandeenya.

Yaada hayyootaa kanaa olii bu’uura godhachuun bifa qindoomina hariiroo dalgeefi olee qabiyyeewwan gosoota barnootaa kutaa 1fi 2 danaa ykn safakaa (diagram) kanaa gadiitiin guduunfanii kaa’uun nidanda’ama.




Danaa 2: Hariiroo Dalgeefi Hariiroo Olee BAO kutaa 1fi 2

Danaan armaan olii akka mul'isutti, xiyyaan dalgarra jiru hariiroo dalgee qabiyyeewwan gosoota barnootaa kutaa 1fi2 gidduu jiru kan agarsiisu yoo ta'u, xiyyaan dhaabbatu ammoo hariiroo olee gosoota barnootaa kutaa 1fi2 gidduu jiru kan mul'isuudha. Haaluma kanaan, BAO kutaa 1fi 2 gosoota barnootaa biroo wajjin hariiroo dalgee yommuu qabaatu, yaadrimeewwan qabiyyeewwan akaakuuwwan barnootaa sadarkaa kutaa 1fi 2tti barsiifaman yommuu walcina qabaman walittidhufeenya isaan qabaachuu malan kan ibsuudha. Kana jechuun, qabiyyeewwan kunniin waldeggaruun walgabbisaa dhiyaachuu isaanii kan mul'isuudha (Tasfaayee 1981). Hariiroon olee ammoo, kutaa tokkoo gara kutaa isa ittaanuutti walitti fufiinsaafi babal'ina qabiyyeewwan gosa barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 kan agarsiisuudha.

### 2.2 Sakatta'a Barruu walfakkii

Kutaa kana jalatti qorannoowwan duraan geggeeffamanii mata duree kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban kanneen qoratichi hanga ammaatti dubbise bakka itti sakatta'ameedha.

Haaluma kanaan, qoratichi qorannoowwan mata durichaa wajjin walitti dhiheenya qaban kanaa gadii sakatta'uun walfakkeenyaafi garaagarummaa isaanii kaa'uu yaaleera.

Qorannoon jalqaba sakatta'ame kan Bal'isaa Nagaroo (2009) Yunivarsiitii Finfinneetti mata duree 'Sakatta'a Walsimannaa Qabiyyeewwan Siilabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1-4fi Dandeettii Barattootaa Gidduugaleessa Godhachuun' jedhurratti geggeeffameedha. Kaayyoon gooroo qorannichaa gooroo qorannoo kanaa, walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa sakatta'uudha. Kaayyoon qorannoo kanaa ammo hariiroo BAO kutaa 1fi 2 gosoota barnootaa biroo wajjin qabu xiinxaluudha. Qorannoowwan kana lamaan wanti wal-fakkeesu lamaanuu kutaa 1fi 2 irratti hojjechuu of keessatti kan hammatu ta'uusaaniiti. Garaagarummaan isaanii ammoo xiyyeeffannoon qorannoo kanaa kitaaba barattootaa kutaa 1fi 2 walcina qabuun hariiroo isaanii xiinxaluu yoo ta'u, qorannoon Bal'isaa ammoo walsimannaa qabiyyeewwan silabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 sakatta'uufi dandeettii barattootaa bu'uureffachuu isaanii addaan baasuudha.

Qorannoon lammaffaa, Dirribaa Dabalee (2016) Yunivarsiitii Finfinneetti, mata duree, 'Xiinxala qabiyyee caaslugaa kitaaba barataa kutaalee11fi12: walitti fufinsaafi dagaagina irratti xiyyeeffachuun' mata duree jedhurratti kan geggeeffame yoo ta'u, kaayyoon qorannichaas kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11fi 12 ija walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeettiin xiinxaluudha. Qorannoo kanaa wajjin yommuu wal bira qabnu, lamaanuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoo sakatta'uufi hariiroo qabiyyeewwanii qorachuurratti yoo walfakkaatanillee, qorannoon kun qabiyyeewwan caaslugaa qofa osoo hintaane qabiyyeewwan mararratti hojeechuu isaatiinis ta'e, hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 gosoota barnoota biroo waliin qaburrattis waan xiyyeeffatuuf garaagara ta'u.

Qorannoon sadaffaan, Lake (2004) mataduree, '*Integrated Curriculum*' jedhu irratti geggeesseen argannoo qorannichaa kutaalee gurguddoo sadiitti qooduun kaa'eedha. Isaanis: bu'aa sirni barnootaa wal-hunate beekumsa qabiyyeerratti qabu, bu'aa inni ilaalcharratti fiduufi akkaataa raawwii isaati. Argannoon gabaasa qorannichaas sirna barnootaa wal-hunate fayyadamuun gama sadaniinuu bu'a-qabeessa ta'uusaa kan deggeruudha. Guduunfaa argannoo kanaarrattis sirni barnootaa wal-hunate: akka barattoonni ogummaa shaakalan kan

gargaaru, bu’uurri beekumsa wal-hunatee odeeffannoo saffisaan deebisanii yaadachuutti kan geessu, gadi fageenyaafi bal’inaan barachuu kan jajjabeessu, akka barattoonni ilaalcha qajeelaa horatan kan godhuufi sirna barnootaa diriirsuuf yeroo gahaa kan kennuu ta’uunsaa ibsameera. Kaayyoon qorannichaa bu’a-qabeessummaa sirna barnootaa wal-hunatee xiinxaluun adda baasuu yoo ta’u, kaayyoon qorannoo kanaa ammoo hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 gosoota barnootaa biroo waliin qabu xiinxaluudha. Qorannichi akka waliigalaatti sirna barnootaa wal-hunate qopheessuurratti xiyyeeffachuu isaatiin qorannoo kanarraa adda yoo ta’u, dhimma hariiroo gosoota barnootaarratti garuu kan walfakkaataniidha.

Dhumarrattis, qorannoon Pawilen, G& etal (2010) Yunivarsiitii Filippiinsitti mata duree, ‘Designing an Integrated curriculum for Preschool’ jedhurratti geggeeffame sakatta’ameera. Kaayyoon qorannichaas barsiisonni akkamitti sirna barnootaa wal-hunate (integrated curriculum) oolmaa daa’immaniitiif qopheessuu akka danda’aniidha. Qorannoon kunis xiyyeeffannoon isaa oolmaa daa’immanii ta’uu isaatiin adda adda yoo ta’ellee, sirna barnootaa hariiroon gosoota barnootaa keessatti mul’atu qopheessuu of keessatti hammachuu isaatiin ammoo qorannoo kanaa wajjin wal isa fakkeessa.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa

Kutaa kana jalatti saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, mala iddatteessuufi mala qaaccessa ragaaleetu walduraa duubaan dhiyaatee jira. As keessatti qoratichi adeemsa keessa darbee bu’aa qorannichaa bira ga’e addaan baasee kaa’eera.

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Akka Creswell (2003) ibsutti, qorannoo tokko geggeessuuf saxaxa gosa sadiitti fayyadamuun akka danda’amu kaa’eera. Isaanis: akkamtaa (qualitative), ammamtaafi (quantitative) lamaanuu walitti fiduudhaan ammoo makoo ( mixed) kan jedhutti gargaaramuun akka danda’amuudha.

Addunyaa(2011) yaaduma kana deggaruudhaan malleen qoranno sadii akka jiran ibsa. Isaanis: mala akkamtaa, mala ammamtaafi mala makoo jedhamu. Malli ammamtaa ragaalee lakkoofsaan ibsaman funaanuuf kan gargaaruudha. Malli akkamtaa ragaalee jechaan ibsaman funaanuuf kan tajaajilu yoo ta’u, malli makoon ammoo akkuma maqaansaa ibsu mala ammamtaafi akkamtaa walmaakuun itti fayyadamuudha.

Haaluma kanaan, saxaxi qorannoo kanaa ibsaa ta’ee akaakuun qorannichaa ammoo ammamtaadha. saxaxni isaa ibsaa filatameesfis ragaaleen lakkoofsaan funaanaman parsantiitti jijjiiramuu qaacceffamanii ibsuun hiikni itti kennuun waan barbaachisuufi. Kunis kan ta’eef, ragaaleen xiinxalaman sakatta’a dookimentiirraa kan argaman bifa gabateen dhiyaatanii dhibbentaatti jijjiiramuun jechaanis waan ibsamaniifi. Dabalataanis, malli filatame kun meeshaa funaansa odeeffannoo filatamee wajjin kan walsimuudha. Kanaafuu, qoratichi mata duree hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 qabiyyeewwan kitaaba barattootaa bara 2005 kutaalee kanneeniif qopha’anii wajjin qaban xiinxaluuf mala kanatti fayyadamee jira.

### 3.2 Madda Ragaalee

Qorannichi kan geggeeffame hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaalee lamaaniif bara 2005 qophaa’anii wajjin qabu xiinxaluuf waan ta’eef maddi odeeffannoo jalqabaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa tokkoffaafi lammaffaafi kitaabilee barattootaa kutaalee lamaaniif bara 2005 maxxanfamaniidha.

### 3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qoratichi adeemsa qorannoo isaa fiixaan baasuuf, raga quubsaa argachuuf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman keessaa sakatta’a dookimentii gargaarameera. Meeshaaleen kunniin kan filatamaniifis qorannoo geggeeffameef odeeffannoo bal’aafi gadi fagoo argachuufis ta’e mala qaacceessa raga qorannichaatiinis walsimataa waan ta’eefi.

#### 3.3.1 Sakatta’a Dookimentii

Adeemsa qorannoo kana keessatti meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa tokko dookimentii sakatta’uu ture. Dastaa (2013) barreeffamoonni odeeffannoo qorannoo ta’uun nama gargaaran baay’een akka jiran eeruudhaan kitaabilee, xalayaa, barruuleefi kanneen kana fakkaatan ta’uu isaanii tarreessee jira. Bu’uuruma kanaan, qorannoon kun hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa kutaalee lamaanii bara 2005 qophaa’an waliin qabu xiinxaluun hanqinoota jiran adda baasuun furmaata barbaaduudha. Kana gochuuf ammoo kallattiidhaan kitaabilee barnootaa kutaalee lamaanii sakatta’uu waan gaafatuuf kitaabilee barattootaa kutaa 1fi 2 kanneen bara 2005/2012 Biiroo Barnoota Oromiyaatiin maxxanfaman sakatta’amanii jiu. Isaanis: barnoota Afaan Oromoo, Afaan Ingilizii, Herregaa, Saayinsii Naannoofi barnoota Esteetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaa yoo ta’an, isaan keessaa E.G.J.Q kitaabni barattootaaf qophaa’e waan hinjirreef qoratichi qajeelcha barsiisotaa gosa barumsichaa sakatta’uun dhimma ba’ee jira.

### 3.2 Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannichaa kitaabilee barnootaa kutaa tokkoffaa, lammaffaafi barsiisota Afaan Oromoo barsiisan yommuu ta’u, rakkoo hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 barnoota biroo waliin qabu addaan baasuuf qorannichi yoommuu geggeeffame tooftaaleen itti iddattoon filamuufi ragaaleen sassaabaman haala armaan gadiitiin dhiyaateera.

#### 3.2.1 Kitaaba barattootaa

Kitaabni qorannoon kun irratti geggeeffame kitaabilee barattootaa kutaa 1fi2 kanneen bara 2005/2012 Biiroo Barnoota Oromiyaatiin maxxanfaman yommuu ta’u, adeemsa sakatta’aa kana keessatti hariiroo barnoota Afaan Oromoo kutaalee lamaaniifi gosoota barnootaa biroo kanneen akka Afaan Ingilizii, Saayinsii Naannoo, Herregaafi Estetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaa gidduu jiru xiinxalamee jira. Sababni kitaabileen kunniin filatamaniifis, qeeqa barsiisonni kutaalee kana barsiisan kitaabicharratti kennan dhaga’uusaafi qoraticha dabalatee

maatiin daa’imman barataniis komee isaan kaasan xiyyeeffannoo isaa waan harkiseefi. Haaluma kanaan, qoratichi iddatteessuu mit-carraa keessaa mala iddatteessuu akkaayyootti (purposive sampling) dhimma ba’eera. Akka Addunyaa (2011) akkaayyoon kan qoratichi akka kaayyoo qorannichaatti odeeffataa filachuuf murteessu waan ta’eef kaayyoo qoratichaa wajjin kan wal-simatuudha.

### 3.5 Mala Ragaaleen Ittiin Xiinxalaman

Mata duree qorannoo “Xiinxala hariiroo oleefi dalgee barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 kitaaba barattootaa bara 2005 irratti xiyyeeffachuun” jedhu irratti odeeffannoowwan sassaabaman mala ammamtaan kan xiinxalamaniidha. Sababni isaas, ragaaleen lakkoofsaafi ibsaan qaacceffamuun qorannicha bu’a-qabeessa taasisa jedhee qoratichi waan itti amanuufiidha. Haaluma kanaan, ragaaleen sakatta’a kitaabileerraa argaman bifa gabateetiin dhiyaatee lakkoofsaan kaa’amuun dhibbeentaatti jijjiiruun xiinxalamee jechaanis hiikni itti kennameera. Walumaagalatti, rakkoo hariiroo oleefi dalgee barnoonni Afaan Oromoo kutaa1fi2 kitaaba barattootaa bara 2005 waliin qabu xiinxaluuf mala ammamtaatti fayyadamuun qaaccessamee hiikni itti kennameera.

# Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxala Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti xiinxalliifi ibsa odeeffannoowwan qorannichaatu geggeeffame. Bu’uuruma kanaan, ragaaleen sakatta’a kitaabileerraa argaman gabateewwan madaallii dhiyaataniin qindaa’anii akka akka mata dureedhaan qoqqoodamuun lakkoofsaan kaa’amanii erga dhibbentaatti jijjiiramaniin booda jechaanis ibsamanii jiru.

## 4.1 Ibsa Gabaabaa Waa’ee Madda Ragaalee

Boqonnaa sadaffaa keessatti akkuma ibsame qorannicha geggeessuuf madda ragaalee kan ta’an sakatta’a dookimentii. Sakkatta’an dookimentiis kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa 1,2fi kitaabilee gosoota barnootaa kutaalee lamaanii bara 2005 yommuu ta’an, kan kitaabni barattootaa hinqophaa’iniif gosi barnootaa tokkoo ammoo qajeelchi barsiisaa akka sakatta’amu ta’eera.

### 4.1.1 Ibsa Gabaabaa Waa’ee Kitaabilee

Olitti akkuma tuqame hariiroo BAO kutaa 1fi 2 gosoota barnootaa biroo waliin qabu xiinxaluuf kitaabileen sakatta’aman mala iddattoo akkaayyootiin kan filataman ta’ee, kitaabileen Afaan Oromoo, Afaan Ingilizii, Saayinsii Naannoo, Herregaafi Estetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kutaalee lamaanii sakatta’amaniiru. AO, SN, Herregiifi E.G.J.Q Biiroo Barnoota Oromiyaatiin kan maxxanfaman yoo ta’u, AI kutaa1fi 2 ammoo Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiin kan maxxanfamaniidha. AOfi SN bara 2005/2012, Herregni kutaa1 bara 2003, herreni kutaa 2 bara 2008, AI kutaa1bara 2008, AI kutaa 2 bara 2003 kanmaxxanfamaniidha. Haaluma kanaan, hariiroo dalgee qabiyyeewwan kutaa1fi 2 sakatta’uuf kitaabileen gosoota barnootaa kutaalee lamaanii hundi walbira qabamanii yommuu sakatta’aman, hariiroon olee ammoo BAO kutaa 1fi 2 walbiraa qabuun sakatta’amanii mata dureen qoqqoodamanii xiinxalamaniiru.

## 4.2 Xiinxala Ragaalee Dookimentiirraa Argamanii

Akkuma boqonnaa sadii keessatti ibsame odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu sassaabbachuuf qoratichi sakatta’a kitaabilee taasiseera. Sakatta’insi ragaalee kunis kan geggeeffame kitaabilee barattootaa barnoota Afaan Oromoo kutaa tokkoffaafi lammaffaa bara 2005/2012 Biiroo Barnoota Oromiyaatiin maxxanfaman irrattiidha. Haluma kanaan, jalqabarratti hariiroo dalgee qabiyyeewwan kitaabileen lamaan gosoota barnootaa kutaalee kanneenitti barsiifaman kanneen akka Afaan Ingilizii (AI), Saayinsii Naannoo(SN),

Herregaafi barnoota Eestetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaa (E.G.J.Q) wajjin qaban kan sakatta'ame yommuu ta'u, barnooti E.G.J.Q kitaaba barattootaa waan hinqabneef qajeelchi barsiisotaaf qophaa'e akka sakatta'amu ta'eera. Kunis, gabateewwan (1fi2) keessatti sakatta'a dhiyaateen xiinxalamee jira. Hariiroo walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeewwan kutaalee lamaanii karaa lamaan xiinxaluuf yaalameera.

Inni jalqabaa walitti fufiinsaafi babal'ina qabiyyeewwan barannoodhaa gara barannootti qaban kan ilaallatuufi qabiyyeewwan BAO kutaa1fi2 gabateewwan (3fi4) gargaaramuun kan xiinxalaman yoo ta'u, ittaansee ammoo, hariiroon olee qabiyyeewwan BAO kutaa 1fi2 gidduu jiru gabatee (5) fayyadamuun xiinxalamee mata dureedhaan qoqqoodamuun ibsi itti kennameeera.

**Gabatee 1: Hariiroo dalgee qabiyyeewwaan BAO kutaa 1 fi kitaaba barattootaa kutaa 1 bara 2005 maxxanfaman**

| Lakk. barannoo | Qabiyyeewwan BAO | Qabiyyeewwan gosoota barnootaa biroo | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | E.G.J.Q | SN | Herrega | AI |
| 3 | Sagaleewwan meeshaalee addaan baasuu (dibbee, qaccee, bilbila) | ✓ | | | |
| 4,5,6 | Sagaleewwan bineeldaa addaan baasuu (harree, waraabessa, leenca) | ✓ | | | |
| 7 | Faaruu adda addaa (faaruu "Afaan Oromoo" kan Alii Birraa, faaruu loonii, faaruu Qubee) | ✓ | | | |
| 8 | Tuqaaleedhaan sararoota bu'uuraa bocuu ( tuqaalee) | ✓ | | | |
| 9 | Sararoota bu'uuraa bocuu (qabannaa kobbeefi dabtaraa) | ✓ | | ✓ | |
| 10 | Sararoota golboo bocuu (qubeewwan **d**, **b**) | ✓ | | | |
| 11 | Sararoota bu'uuraan qubee bocuu(sarara dhaabbataa, sarara dalgee, qubeewwan | ✓ | | | ✓ |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | **I,L,T,I,l,t,E,F,H,f,h**) | | | | |
| 13 | Sararootaan qubee bocuu( sarara golboo, qubeewwan **e,G,g**) | ✓ | | | |
| 15 | Sararoota bu'uuraan qubeewwan **D,B,d,b** bocuu | ✓ | | | |
| 18 | Sararoota bu'uuraan qubeewwan **O,Q,o,q** bocuu | ✓ | | | |
| 24 | Sararoota bu'uuraan qubeewwan<br>**N,M,W,n,m,w** bocuu | ✓ | | | |
| 28 | Qubeewwan **V,P** bocuu | ✓ | | | |
| 33 | Jecha dubbisaa fakkii tuquu<br>(aduu,bofa,cokoo) | | | | ✓ |
| 37 | Qajeelfama raawwachuu<br>( ka'i, ba'i), jechoota sagalee laafaafi jabaa,gabaabaafi dheeraa sagaleessuu | | | | ✓ |
| 41 | Fakkii ilaalanii ibsuu (saree, lukkuu, sa'a hoosiftu) | | | | ✓ |
| 45 | Lakkoofsa dubbisuufi tartiibessuu | | | ✓ | |
| 46 | Duraaduuba gochaalee ibsuu<br>(fakkii gochaalee ibsan, maqaa guyyoota torbanii, maqaa ji'ootaa) | | | ✓ | |
| 47 | Bifa, dheerinaafi furdina wantootaa, walfakkeenyaafi garaagarummaa wantootaa | | ✓ | | ✓ |
| 48 | Wantoota adda addaa ilaalanii ibsuu<br>(fakkiiwwan mooyyee, minjaala, biqiltuu), Dubbifama (keeyyata tokko) | | ✓ | | |
| | Ida'ama qabiyyeewwan hariiroo qabanii | 13 | 2 | 3 | 5 |

Gabatee oliirraa wanti hubatamu qabiyyeewwan barnoota BAO kutaa1 boqonnaadhaan osoo hinta'in barannoo barannoodhaan kan dhiyaate yommuu ta'u, barannoowwan garaagaraa shantamatti qoqqoodamee jira. Qabiyyeewwan barannoodhaan qoqqoodaman kanneen keessaa hariiroo isaan qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 1 bara 2005 waliin qaban yommuu xiinxallu, akka waliigalaatti qabiyyeewwan barannoowwan kudha sagal ta'an qofatu mul'ata. Kun ammoo barannoowwan shantamman kennaman keessaa dhibbeentaa soddommii saddeeti (%38) walkeessa jiraachuusaanii nutti agarsiisa. Isaan kana keessaa barnoota E.G.J.Q wajjin hariiroo kan qaban barannoowwan kudha sadii ta'u. Gosa barnoota AI wajjin kanneen hariiroo qaban shan qofa.Gosa barnootaa Saayinsii Naannoo wajjin qabiyyeewwan walqabatan lama qofa yoo ta'an, qabiyyeewwan barnoota herregaa wajjin kanneen hariiroo qaban ammoo sadii qofa ta'u. Sakatta'an ragaa kanaa dhibbeentaan yommuu ilaalamu ammoo, barnoonni BAO kutaa1 barnoota E.G.J.Q kutaa1 wajjin naannoo %68 kan walqabatuudha. Barnoota AI kutaa1 wajjjin naannoo %26, Herrega kutaa1 waliin %15.78 ol hariiroo yoo qabaatu, SN kutaa-1 wajjin ammoo gara %10.52 walitti dhufeenya kan qabu ta'uusaa mirkaneessa.Walumaagalatti, BAO kutaa1 barnoota E.G.J.Q kutaa1 wajjin hariiroo cimaa yoo qabaatellee, gosoota barnootaa hafan sadanii wajjin hariiroo dalgee inni qabu laafaadha.

Ragaalee sakatta'aman kanarraa wanti xiinxalame kitaabni BAO kutaa1 yommuu qophaa'e hariiroon dalgee gosoota barnootaa kutichatti baratamuu qabanii sirriitti kan ilaalame miti. Akka Tasfaayee (1981) ibsutti, dhimmoonni kitaaba sadarkaa kutaa tokkoottis ta'e sadarkaa kutaalee garaagaraatiif qopha'an keessatti dhiyaatan sadarkaa sadarkaan jabaataa deemuu isaanii eeggachuu qofa osoo hintaane, qabiyeen isaaniifi wal-hunatiinsi isaan kitaabilee barattootaa kutaa 1 waliin qaban ilaalcha keessa galuu akka qabaniidha. Dabalataanis, qabiyyeewwan kitaabaa gosa barnoota tokko barsiisuuf qopha'an qabiyeewwan kitaabilee gosoota barnootaa kaawwan wajjin kan walhunataniifi yaadrimee walsimataa qabaachuu qabu. Fakeenyaaf, qabiyyeen "qaamolee ala nafa keenyaa" jedhu kan Saayinsii Naannoo kutaa1 keessa jiru Afaan Ingilizii kutaa 1 keessatti "Parts of the body" jedhee kan dhiyaate yoo ta'u, BAO kutaa 1 keessa garuu hinjiru. Egaa qabiyyeen Afaan Ingiliziifi Saayinsii Naannoo keessatti mul'atu kun osoo Afaan Oromoo keessas jiraatee barattoonni haala salphaan akka hubatan isaan gargaara ture. Kun ammoo, rakkoo hariiroo gosoota barnootaa qoratichi ka'umsa qorannichaa keessatti eere kan dhugoomseedha.

**Gabatee 2: Hariiroo Dalgee Barnoota Afaan Oromoo kutaa2fi qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa kutaa 2 bara 2005**

| Lakk. Barannoo | Qabiyyeewwan barnoota AfOr kutaa 2 | Qabiyyeewwan gosoota barnootaa Biroo | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | E.G.J.Q | Saayinsii Naannoo | Herrega | Afaan Ingilizii |
| 1 | Sararoota bu'uuraa, qubeewwan xixiqqaa | ✓ | | ✓ | |
| 3 | Nagaa walgaafachuu, jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuu, hiika jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa | | | | ✓ |
| 4 | Jechoota sagalee hudhaa qaban ijaaruu, jechoota sagalee irra butaa qaban ijaaruu | | ✓ | | |
| 5 | Meeshaalee aadaarraa odeeffannoo argachuu, maqaafi qaamolee meeshaalee aadaa, faayidaa meeshaalee aadaa | ✓ | ✓ | | |
| 6 | Fakkiiwwan lakkoofsaa wajjin barreessuu , fakkiiwwan ibsuu, rakkoo naannoorratti mari'achuu | | ✓ | ✓ | ✓ |
| 7 | Dubbisa "Gaangee" jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, walfakkeenyaafi garaagarummaa wantootaa | | ✓ | | |
| 8 | Dubbisa "barattoota keenya" jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, hibboo | | ✓ | | |
| 9 | Dubbisa "Gorsa abbaafi haadhaa" jedhu, shaakala dubbisa duraa, faallaa jechootaa | | ✓ | | |
| 10 | Dubbisa "Ilkaan Daraartuu" jedhu, hiika faallaa jechootaa, jechoota kennamaniin hima ijaaruu, yaada jalqabame xumuruu, hima mallattoo | | ✓ | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | waraabbii qabu | | | | |
| 11 | Dubbisa “Waddeessa Galataa” jedhu, hiika faallaa jechootaa, hima ijaaruu, hiika walfakkii jechootaa | | ✓ | | |
| 12 | Dubbisa “Maatii obbo Guutamaa” jedhu, Muuxannoo dubbisuu horachuu, yaada dubbisaa ibsuu, faallaa jechootaa himuu, hima ijaaruu, jechoota yeroofi ji’oota ibsan | | ✓ | | |
| 13 | Waliin dubbii,Tuqaalee, keeyyata dubbisuufi barreessuu, ergaa keeyyataa | | | | ✓ |
| 15 | Dubbisa “Damma”jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, yaada loojikiitti fayyadamuu, haala tokko ialaalanii shakkii malee “nita’a” jedhanii murteessuu, haala tokko ilaalanii “ta’uu hinoolu” jedhanii yaada kennuu | | ✓ | ✓ | |
| 16 | Dubbisa yaada waldorgommii qabu (Gaalaafi Farda) faallaa jechootaa, wantoota waldorgomsiisuu | | ✓ | | |
| 18 | Dubbisa “Ollaa” jedhu. Gaaffiiwwan hubannoo, hiika jechootaa, himoota ijaaruu | | ✓ | | |
| 19 | Sheekkoo,**maqaalee danoomsuu**, mammaaksa | | | | ✓ |
| 20 | Dubbisa “Faayidaa Bunaa” jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, hiika jechootaa, yaada tokko jecha mataa ofiitiin ibsuu | | ✓ | | |
| | Ida’ama qabiyyeewwan hariiroo qabanii | 2 | 13 | 3 | 4 |

**Gabatee 2** olitti dhiyaate kan nuhubachiisu, barnooti BAO kutaa2 keessa qabiyyeewwan jiran barannoowwan digdamii lamatti qoqqoodamanii kan dhiyaataniidha. Akka waliigalatti qabiyyeewwan kennaman kanneen keessaa qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa 2 kaawwanii wajjin hariiroo kan qaban kudha torba yommuu ta'an, kunis qabiyyeewwan hunda keessaa naannoo dhibbeentaa torbaatamii torbaa (%77.27) ta'a. Mata dureewwan kudha torba keessaa barannoowwan kudha- sadan isaanii gosa barnootaa SN kutaa2 kan walqabatan ta'uun isaa adda ba'eera. Barannoo qabiyyeewwan BAO kutaa2 keessaa lamaan isaanii qofa qabiyyeewwan barnoota E.G.J.Q wajjin hariiroo qaba. Qabiyyeewwan hafan keessaa barannoowwan afur barnoota AI waliin walitti dhufeenya kan qaban yommuu ta'u, gosa barnoota herregaa wajjin kan walqabatu garuu qabiyyee sadii qofa ta'uu isaati. Ragaan sakatta'ame kun dhibbeentaan yommuu kaa'amu, barnoonni E.G.J.Q gara % 11.76, barnoota AI wajjin hariiroo %23.52 kan qabaniidha. Qabiyyeewwan BAO kutaa2 barnoota Herregaa wajjin gara % 17.64 qofa kan walqabatan yommuu ta'u, SN wajjin garuu naannoo % 76.47 kan walkeessa jiran ta'uu isaati.

Sakatta'a ragaa kanarraa wanti xiinxalame, gosi barnoota AO kutaa2 qabiyyeewwan SN wajjin hariiroo cimaa kan qabuufi gosoota barnootaa sadan hafanii wajjin hariiroo laafaa kan qabu ta'uu isaati. Barnoonni AO kutaa2 qabiyyeewwan barnoota SN wajjin hariiroo dalgee gaarii yoo qabaates, gosoota barnootaa sadan hafanii wajjin hariiroo dalgee baay'ee xiqqoo ta'e kan qabuudha. Fakkeenyaaf, AI kutaa 2 maqaa halluuwwanii kan dhiyeessuudha. Barnoota E.G.J.Q keessattis haluuwwaniifi gosoota isaanii kan dhiyeessu yoota'u, BAO kutaa 2 ammoo waa'ee qabiyyee kanaa homaayyuu hinkaasu.Yommuu akkas jennu, qabiyyeewwan gosoota barnootaa barsiifamanii hundi tokko ta'uu qaba jechuu osoo hintaane, sadarkaa kutaa itti baratan kanatti qabiyyeewwan barsiifaman beekumsa hunda galeessa akka akka qabaataniif yaad-rimee walsimataa qabaachuu qabu jechuudha.

Qabiyyeewwan kitaabaa gosa barnoota tokko barsiisuuf qophaan qabiyeewwan kitaabilee gosoota barnootaa kaawwan wajjin kan walhunataniifi yaadrimee walsimataas qabaachuu qabu. Akkas ta'uu baannaan wanti barataan qabachuu qabu kan bittimmaa'e ta'a (Tasfaayee 1981).

Kanarraa ka'uudhaan yommuu ilaallu, kitaabichi yommuu qophaa'e hariiroon dalgee gosoota barnootaa kutaa kanaaf qophaa'anii xiyyeeffannoo keessa hingallee jechuudha.

Tasfaayee, (1981:41) "ተከታታይነት ሲባል በአንድ ትምህርት አይነት ዉስጥ እያደገ ግን በተደጋጋሚ የሚመጣ አላማ ነዉ፡፡" jechuun kaa'a. yaada kanarraa kan hubatamu walitti fufiinsi irra deddeebi'ee mul'achuu qabiyyeewwan gosa barumsaa tokkooti. Haaluma kanaan, walitti fufiinsa qabiyyeewwan barnoota Afaan Oromoo kutaa 1gabatee ittaanu keessatti xiinxalameera.

**Gabatee 3: Hariiroo Walitti fufiinsaafi Dagaagina Qabiyyeewwan BAO kutaa 1 ( barannoo gara barannootti)**

| T.L | Qabiyyeewwan dhiyaatan | Lakkoofsa Barannoo | Hanga Irra deebi'aman | Dhibbeentaan |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Nagaa walgaafachuufi walbaruu | 1 | 1 | 4.34 |
| 2 | Sagaleewwan adda addaa addaan baasuu | 2,3,4,5,6 | 5 | 21.73 |
| 3 | Faaruu adda addaa | 7 | 1 | 4.34 |
| 4 | Sararoota Bu'uuraa Bocuu | 8,9,10 | 3 | 13 |
| 5 | Jechoota dubbisaa fakkii tuquu ykn agarsiisuu | 12,14,17,19,21, 23,25,27,33, 34,36 | 11 | 47.82 |
| 6 | Sararoota Bu'uuraan qubeewwan bocuu | 11,13,15,16,18, 20,22,24,26, 28 | 10 | 43.47 |
| 7 | Qubeewwan xixiqqaafi gurguddaa | 29 | 1 | 4.34 |
| 8 | Qubeewwan dubbachiiftuu gabaabaafi dheeraa sagaleessaa barreessuu | 30 | 1 | 4.34 |
| 9 | Qubeewwan dubbifamtootaafi dubbachiiftota walittihidhuun barreessaa sagaleessuufi sagaleewwan walitti fiduun | 31,32 | 1 | 4.34 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | jechoota ijaaruu | | | |
| 10 | Jechoota barreessuu | 35, 40 | 2 | 8.69 |
| 11 | Dubbisuun qajeelfama raawwachu | 37 | 1 | 4.34 |
| 12 | Qubee xiqqaa barreessuufi tartiibessuu | 38 | 1 | 4.34 |
| 13 | Qubeewwan jecha keessaa hanqate guutuu | 39 | 1 | 4.34 |
| 14 | Fakkii ilaalanii ibsuu(dubbisa gabaabaa waliin) | 41,48 | 2 | 8.69 |
| 15 | Fakkii ilaaluun duraa duuba gochaalee ibsuu | 46 | 1 | 4.34 |
| 16 | Fakkiifi hima walitti firoomsuu | 42 | 1 | 4.34 |
| 17 | Fakkiifi yaada himootaa walitti firoomsuu | 43 | 1 | 4.34 |
| 18 | Faayidaa sirna tuqaalee | 44 | 1 | 4.34 |
| 19 | Lakkoofsa dubbisuufi tartiibessuu | 45 | 1 | 4.34 |
| 20 | Wantoota waliin madaaluun waldorgomsiisuu | 47 | 1 | 4.34 |
| 21 | Qajeelfamama hordofuun raawwachuu | 49 | 1 | 4.34 |
| 23 | Sheekkoo, hibboofi tapha ijoollee dhiyeessuu | 50 | 1 | 4.34 |
| Ida'ama | | 50 | 50 | 100 |

Akka gabatee armaan olitti dhiyaaterraa hubatamutti BAO kutaa 1 barannoowwan shantaman jiran qabiyyeewwan ijoo digdamii sadiitti addaan baafamanii sakatta'amaniiru. Haaluma kanaan, qabiyyeewwan jiran keessaa baay'inaan irra deebi'uun kan dhiyaatan " *jechoota dubbisaa fakkii tuquu ykn agarsiisuu*"fi "*sararoota bu'uuraan qubeewwan bocuu*" kan jedhan yoo ta'an, inni jalqabaa si'a kudha-tokko, kan lammataa ammoo si'a kudhan irra deebi'uun babal'atanii kan dhiyaataniidha. Kunis dhibbentaan yommuu kaa'amu %47.82fi %43.47 ta'a. Qabiyyeewwan kaan walduraa duubaan si'a shan(%21.73), si'a sadii(%13), si'a lama(%8.69) kan qabatan yommuu ta'u, kanneen irraa hafan marti kan tasa irra deebi'anii hinbabal'atneedha. Walumaagalatti, barannoowwan shantama dhiyaatan hunda keessaa sadarkaa sadarkaan walitti fufiinsaan kan jiran qabiyyeewwan soddomii sadii yoo ta'an, kanneen hafan kudha-torban isaanii tasumaa irradeebi'anii hinmul'atne. Kunis dhibbentaadhaan yommuu kaa'amu barannoowwan kannaman %66 hariiroo walitti fufiinsa kan waliin qaban yommuu ta'an, kanneen hariiroo walitti fufiinsaa hinqabne ammoo %34 ta'u. Sakatta'a ragaa kanarraa wanti hubatamu qabiyyeewwan BAO kutaa 1 garri caalaan isaanii barannoodhaa gara barannootti walitti fufiinsaa gaarii kan qaban ta'ullee, qabiyyeewwan hafan fooyya'insa kan barbaadan ta'uu isaaniiti.

Walitti fufiinsa keessatti dagaagina qabiyyeetiin yommuu ilaallu**,** barannoowwan 2-7 keessatti *sagalee namootaa akkeessuu* irraa ka'ee, *sagalee meeshaalee addaan baasuu*, *sagalee beeyladaa addaan baasuu, sagalee bineensotaa addaan baasuu, sagalee allaattii addaan baasuurraa* gara *faaruu faarsuutti* waan deemeef dagaaginni qabiyyee mul'ateera. Barannoowwan 8- 28 *tuqaaleen sarara bocuu* irraa ka'ee *qubee d,b sarara eeganii tuqaaleedhaan bocuu*, *sararaan qubee I, i,,L,T,F,E,H,e,h bocuu,* jechoota qubeewwan kanaan eegalan *dubbisaa fakkii tuquu*, *qubee C,c.e.g.G sarara eeganii bocuu*, jechoota qubeewwan kanneenii eegalan *dubbisaa fakkii agarsiisuu*, *qubeewwan D,B,d,b ilaalaa garagalchuufi* jechoota qubeewwan kanneeniin eegalan *dubbisaa fakkii tuquu, qubee R,S,J,r,sfi j sarara keessatti bocuu*, jechoota qubeewwan kanaan jalqaban *dubbisaa fakkii tuquu*, *qubeewwan O,Q,o,q sarara keessatti bocuu,* jechoota sagaleewwan kanaan jalqaban *dubbisaa fakkii tuquu* jechaa qubeewwan dacha dabalatee hanga xumura tartiiba qubee isa xumuraatti waan deemuuf dagaagina qabiyyee kan qabuudha. Barannoo 31fi 32 *dubbifamaafi dubbachiisaa waltti qindeessuun sagaleessaa barreessuu*, *sagaleewwan walitti qindaa'aniin (birsagootaan) jechoota ijaaruu*, barannoowwan 33,34fi36 *jecha dubbisaa fakkii tuquu*, *fakkiifi jecha walitti*

*firoomsuufi* jechoota dabalataa kennuun mata dureedhuma sana irra deebi’uun dhiyeessa. Barannoowwan 35fi 40 ammoo jechoota barreessuurratti yommuu xiyyeeffatan inni duraa fakkiiwwan kennee jechaan akka barreessan yoo gaafatu, kan lammaffaa ammoo maqaa beeyladaa, maqaa midhanii, maqaa bineensotaafaa akka barreessan waan godhuuf walitti aananii hindhiyaanne malee dagaagina qabu. Barannoowwan 41fi 48 keessatti kutaa isa duraa keessatti fakkii ilaalanii ibsuu yommuu arginu, isa ittaanu keessatti ammoo fakkii ilaalanii ibsuu qofa osoo hintaane, fakkiiwwan kanneen garee gareen qooduunis itti dabalamee dhiyaateera. Kanaafuu, dagaaginn qabiyyee mul’ateera jechuu dandeenya. Walumaagalatti, Barannoowwan shantama BAO kutaa 1 keessatti dhiyaatan keessaa soddomii shan isaanii waliiti fufiinsaafi dagaagina kan qabuudha. Kunis dhibbeentaan yommuu ka’amu % 70 waan ta’eef harki caalaan qabiyyeewwanii dagaagina qabu jechuu dandeenya. Haata’u malee, qabiyyeewwan hafanirratti fooyya’insa gochuun barbaachisaadha.

Tasfaayeen, (1981:41) “**ተለጣጣቂነት ከተከታታይነት የሚዛመድ ቢሆንም የሚለይበት ባህሪይ አለዉ፡፡ ይኸዉም በስረአተ ትምህርት ዉስጥ የሚቀርብ የትምህርት ጉዳይ በየደረጃዉ ስፋት ና ትልቀት እያገኘ እንዲሄድ የሚመራ ነዉ፡፡**” jechuun garaagarummaa walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyee ibsa. Kana jechuun qabiyyeen tokko irra deddeebi’een waan dhiyaateef qofa dagaagina qabaata osoo hintaane, qabiyyichi gadi fageenyaan babal’atee dhiyaachuu qaba jechuudha. Haaluma kanaan, walitti fufiinsiifi dagaaginni qabiyyeewwan BAO kutaa 2 gabatee ittanu keessatti xiinxalamee dhiyaateera.

**Gabatee 4: Hariiroo walitti fufinsaafi Dagaagina Qabiyyeewwan BAO kutaa 2 (barannoo gara barannootti)**

| T.L | Qabiyyeewwan Dhiyaatan | Lakkoofsa Barannoo | Hanga Irra Deebi me | %’n |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sararoota bu’uuraan qubeewwan barreessuu | 1 | 1 | 3 |
| 2 | Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa | 1 | 1 | 3 |
| 3 | Qubeewwan walitti fiduun jechoota ijaaruu | 2 | 1 | 3 |
| 4 | Nagaa walgaafachuu | 3 | 1 | 3 |
| 5 | Jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuu | 3 | 1 | 3 |
| 6 | Jechoota sagalee jabaafi laafaa sagaleessuu | 3 | 1 | 3 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 7 | Jechoota sagalee hudhaa qaban ijaaruu | 4 | 1 | 3 |
| 8 | Jechoota sagalee irrabutaa qaban ijaaruu | 4 | 1 | 3 |
| 9 | Maqaafi qaamolee meeshaalee aadaa | 5 | 1 | 3 |
| 10 | Fakkiiwwan ibsuu | 6 | 1 | 3 |
| 11 | Rakkoo naannoorratti mari’achuu | 6 | 1 | 3 |
| 12 | Dubbisa | 7-22 | 16 | 48.48 |
| 13 | Gaaffiiwwan hubannoo | 7-22 | 16 | 48.48 |
| 14 | Hiika walfakkii jechootaa | 3,,7,9,11,14,18 fi20 | 7 | 21.21 |
| 15 | Hiika faallaa jechootaa | 9,10,11,12,16,22 | 6 | 18.18 |
| 16 | Hibboo | 8 | 1 | 3 |
| 17 | Jechootaan hima ijaaruu | 10,11,12,17fi18 | 5 | 15.15 |
| 18 | Hima mallattoo waraabbii qabu | 10 | 1 | 3 |
| 19 | Yaada hima jalqabamee hafe xumuruu | 10 | 1 | 3 |
| 20 | Jechoota yeroofi ji’oota ibsan | 12 | 1 | 3 |
| 21 | Mallattoo tuqaa,gaaffii, qoodduufi raajeffannoo | 13 | 1 | 3 |
| 22 | Keeyyata dubbisuufi barreessuu | 13 | 1 | 3 |
| 23 | Walduraaduuba gochaalee barreessuu | 14 | 1 | 3 |
| 24 | Yaada haqaafi yaada dhuunfaa | 15 | 1 | 3 |
| 25 | Yaada loojikiitti fayyadamuu | 15 | 1 | 3 |
| 26 | Wantoota waldorgomsiisuu | 16 | 1 | 3 |
| 27 | Falmii geggeessuu | 17 | 1 | 3 |
| 28 | Marii geggeessuu | 17 | 1 | 3 |
| 29 | sheekkoo | 19fi22 | 2 | 6 |
| 30 | Maqaalee danoomsuu | 19 | 1 | 3 |
| 31 | Mammaaksa | 19 | 1 | 3 |
| 32 | Qaamaafi bifa xalayaa firaa | 21 | 1 | 3 |
| 33 | Baafataafi faayidaa isaa | 22 | 1 | 3 |
| Ida’ama | | 22 | 80 | 100 |

Odeeffannoo gabatee kanaan oliirraa wanti hunbatamu hariiroon BAO kutaa 2 barannoodhaa gara barannootti qabu qabiyyeewwan ijoo soddomii sadiitti qoqqoodaman keessatti kan dhiyaateedha. Qabiyyeewwan kanneen keessaa *dubbisiifi gaaffiin hubannoo* si'a kudha- jaha, kudha- jaha irra deddeebiin kan mul'atan yoo ta'u, *hiikni walfakkii jechootaa* si'a saddeeti, *hiiki faallaa jechootaa* si'a ja'a, *jechootaan hima ijaaruun* si'a shan, *sheekkoon* si'a lama walitti fufiinsaan dhiyaachuun isaanii mul'ateera. Qabiyyeewwan hafan garuu irra deddeebi'uun kan waan hintaaneef hariiroo walitti fufiinsaa hinqaban. Walumaagalatti, mata dureewwan kennaman soddomii sadii keessaa shanan olitti ibsaman dhibbeentaa jaatamii sadii qabxii torba shan (%63.75) kan uwwisan yommuu ta'an, kanneen hafan digdamii saddeet ammoo %36.25 qofa qabatanii jiru. Kun ammoo kan hubachiisu qabiyyeewwan dhiyaatan baay'een isaanii haaraafi walitti fuffiinsaan gabbachaa kan hindeemne ta'uu isaaniiti. Kanaafuu, sakatta'an kun haalli dhiyaannaa qabiyyeewwan BAO kutaa 2 barannoodhaa gara barannootti jiru fooyya'uu akka qabu agarsiisee jira.

Ragaa **gabatee** (**4**) irraa argamerratti hundaa'uun walitti fufiinsa keessatti dagaagina qabiyyeetiin yommuu ilaallu, barannoowwan 7-22 keessatti dubbisafi gilgaalota garaagaraa walitti fufiinsaan dhiyaatan kudha jaha keessaa sadan isaanii jechuunis barannoowwan 9,10fi 11 babal'inaan waan hindhiyaanneef dagaagina hinqaban. Warri hafan kudha-sadan isaanii bifaanis ta'e gadi fageenya yaadaatiin babal'atanii kan kan dhiyaataniidha. Kunis dhibbeentaan yommuu kaa'amu%59 ta'a. Mata dureewwan hafan walitti fufiinsa kan hinqabneefi qabiyyeewwan haarawaa waan ta'aniif, kanneen walitti fufiinsa qabaatanii dagaagina hinqabnes waan jiraniif, kitaabichi ulaagaa dagaagina qabiyyee guutee qindaa'uuf xiyyeeffannoon irratti hojjatamuun barbaachisaadha.

**Gabatee 5: Hariiroo Olee Qabiyyeewwan BAO kutaa 1fi2 gidduu jiru**

| TL | Qabiyyeewwan dhiyaatan | BAO kutaa | Lakk.barannoo | BAO kutaa 2 | Lakk.baranno |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Nagaa walgaafachuu | ✓ | 1 | ✓ | 3 |
| 2 | Sagaleewwan addaa addaa | ✓ | 2,3,4,5,6 | ✓ | 4 |
| 3 | Faaruu adda addaa | ✓ | 7 | | |
| 4 | Sararoota bu'uuraa bocuu | ✓ | 8,9,10 | | |
| 5 | Qubeewwan bocuu | ✓ | 11,13,15,16,18,20 ,24,26,28 | ✓ | 1 |
| 6 | Qubeewwan gurguddaafi afi xixixiqqaa | ✓ | 29 | ✓ | 1 |
| 7 | Sagaleewwan dubbachiift ft uu gabaabaafi dheeraa i dsagaleessuufi barreessuu | ✓ | 30 | | |
| 8 | Sagaleewwan dubbifamt oo ootaaf dubbachiiftota wali litt tti hidhuun barreessaa sagaleessuu | ✓ | 31 | ✓ | 2 |
| 9 | Sagaloota(birsagoota) Walitti fiduun jechoota ija ijaaruu | ✓ | 32 | ✓ | 2 |
| 10 | Jechoota sagalee gabaab aa aafi dheeraa sagaleessuu | | | ✓ | 3 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 11 | Jechoota sagalee jabaafi la laafaa barreessuufi dubbi su suu | | | ✓ | 3 |
| 12 | Jechoota sagalee Hudhaafi Irra buta qabu n ijaaruu | | | ✓ | 4 |
| 13 | Jechoota dubbisaa fakkii ag agarsiisuu | ✓ | 12,14,17,19,21,23,2 27,33,34,36 | | |
| 14 | Fakkiiwwan: maqaafi Qaamolee meeshaalee aadaa | | | ✓ | 5 |
| 15 | Fakkiiwwan ilaalanii ibsuu | ✓ | 41,48 | ✓ | 6 |
| 16 | Jechoota barreessuu (maqaalee adda addaa) | ✓ | 35,40 | ✓ | 4 |
| 17 | Qubee xiqqaa barreessuu fit tartiibessuu | ✓ | 38 | ✓ | 1 |
| 18 | Qubee jecha keessaa hanqate guutuu | ✓ | 39 | ✓ | 2 |
| 19 | Duraaduuba gochaalee Ibsuu | ✓ | 46 | ✓ | 14 |
| 20 | Fakkiifi hima walitti firoomsuu | ✓ | | | |
| 21 | Fakkiifi yaada himootaa w walitti firoomsuu | ✓ | 43 | | |
| 22 | Faayidaa sirna tuqaalee | ✓ | 44 | ✓ | 13 |
| 23 | Lakkoofsa dubbisuufi tar tii tiibessuu | ✓ | 45 | | |
| 24 | Wantoota waliin madaa lu luufi waldorgomsiisuu | ✓ | 47 | ✓ | 14 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 25 | Qajeelfama hordofuun raawwachuu | ✓ | 49 | | |
| 26 | Sheekkoo, hibboofi tapha ijoollee | ✓ | 50 | ✓ | 19 |
| 27 | Dubbisa garaagaraa | ✓ | 44,48 | ✓ | 7-22 |
| 28 | Gaaffiiwwan hubannoo ga garaagaraa | ✓ | 44,48 | ✓ | 7-22 |
| 29 | Hiika walfakkii jechootaa a | | | ✓ | 7,9,11,14,18,2 |
| 30 | Hiika faallaa jechootaa | | | ✓ | 9,10, ,12,1618, 22 |
| 31 | Jechootaan hima ijaaruu | | | ✓ | 10,11 12,18 |
| 32 | Jechoota yeroofi ji'oota ibs ibsan | | | ✓ | 12 |
| 33 | Yaada haqaafi dhuunfaa | | | ✓ | 15 |
| 34 | Yaada loojikiitti fayyada m muu | | | ✓ | 15 |
| 35 | Falmii geggeessuu | | | ✓ | 17 |
| 36 | Marii geggeessuu | | | ✓ | 17 |
| 37 | Keeyyata dubbisuufi barreessuu | | | ✓ | 13 |
| 38 | Maqaalee danoomsuu | | | ✓ | 19 |
| 39 | Mammaaksa | | | ✓ | 19 |
| 40 | Qaamaafi bifa xalayaa firaa | | | ✓ | 21 |
| 41 | Baafataafi faayidaa isaa | | | ✓ | 22 |

Akka Tamasgeeniifi Tashoomaa(2015) Qindoominni olee qabiyyeewwan dhiyaatan kutaadhaa gara kutaatti guddachaa kan deeman yoo ta'u, kunis kan mul'atu akkuma kutaan guddachaa deemuun qabiyyeenis salphaadhaa gara walxaxaatti guddachaa kan deemu ta'uu isaati.haaluma kanaan, hariiroon qabiyyeewwan BAO kutaa 1fi2 gidduu jiru yommuu ilaallu, mata dureewwan ijoo afurtamii tokkotti qoqqoodamanii dhiyaatan keessaa kudha-jahan isaanii kutaa 1gara kutaa 2 walitti fufiinsaan irra deebi'anii babal'atanii kan dhiyaatan waan ta'aniif hariiroo olee kan qaban ta'uu isaanii nihubatama. Isaan kana keessaa kutaa tokkoffaa gara dhumaatti himoota gaggabaaboo, dubbifamoota gaggabaaboo lamaafi gaaffiiwwan hubannoo kan dhiyaatan yoo ta'u, kutaa lammaffaa keessatti ammoo barannoowwan digdamii lamaan dhiyaatan keessa dubbifamootafi gaaffiiwwan hubannoo kudha-jahaa walitti fufiinsaan dhiyaataniiru. Qabiyyeewwan hafan keessaa *lakkoofsa dubbisuufi tartiibessuun, faaruu adda addaan* bashannansiisaa barsiisuun sadarkaa kutaa lammaffaattis kan barbaachisu yoo ta'ellee kitaabicha keessatti raawwatee kan hinmul'atneedha. Dabalataanis, mata dureewwan haaraa ta'an kudha-torba kitaaba kutaa lammaffaa keessatti hammatamanii mul'atu. Fakkiitti fayyadamuun jechootaafi himoota shaakalsiisuun kitaaba kutaalee lamaan keessattiyyuu kan mul'atu yoo ta'ellee, kutaa lammaffaa keessatti baay'ee muraasa ta'ee mul'ata. Walumaagalatti, hariiroo olee qabiyyeewwan kitaabilee kutaalee lamaanii gama walitti fufiinsaatiin qabiyyeewwaniitiin yommuu ilaallu, gara %39 walitti dhufeenya qabaachuu isaanii hubanna. Qabiyyeewwan haaraan kitaaba kutaa lammaffaa keessatti dabalataan dhiyaatan ammoo naannoo %41.46 ta'a.Qabiyyeen kutaa tokkoffaa qofa keessatti dhiyaatan torba ykn gara %17 ta'uu isaaniiti. Sakatta'aan ragaalee kunniin kan mul'isan hariiroon olee kitaabilee lamaan gidduu kan jiru ta'ullee quubsaa waan hintaaneef qindoominni olee qabiyyeewwan kitaabichaa fooyya'u akka qabu nihubatama.

Odeeffannoo **gabatee (5)** hundaa'uun dhiyaannaa dagaagina qabiyyeewwan BAO kutaa 1fi 2 wal-bira qabnee yommuu ilaallu, mata dureewwan kutaalee lamaanitti walitti fufiinsa qaban kudha-jaha isaaniiyyuu isa kutaa tokkoffaatti dhiyaate caalaa salphaarraa gara cimaatti bal'atanii waan dhiyaataniif dagaagina qabiyyee qabaachuun isaanii addaan ba'eera. Haata'u malee, qabiyyeewwan hafan keessaa kaan walitti fufiinsa waan hinqabneef gara madaallii dagaagina qabiyyeetti fiduun ilaaluun hindanda'amne. Kanaafuu, walitti fufiinsiifi dagaaginni qabiyyee dhibuun hariiroo olee BAO kutaa 1fi 2 irraatti dhiibaa waan geessisuuf qophii kitaabichaa keessatti xiyyeeffannoo kennuufiin gaarii ta'a.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti kan dhiyaatan guduunfaa qorannichaa, bu'aalee adeemsa xiinxala qorannichaafi yaada furmaataa kennamantu walduraa duubaan dhiyaatee jira.

## 5.1 Cuunfaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa hariiroo oleefi dalgee barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 kitaaba barattootaa kutaalee lamaanii bara 2005 wajjin qabu xiinxaluudha. Kaayyoon ijoo qorannichaas hariiroo oleefi dalgee barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 kitaaba barattootaa kutaalee lamaanii bara 2005 maxxanfaman waliin qabu xiinxaluudha. Adeemsa xiinxallii kanaanis, rakkoolee hariiroo BAO kutaa 1, 2fi akaakuu barnootaa kaawwanii kutaalee kanneenitti barsiifamaa jiran gidduutti mul'ataniif furmaata kaa'uudha. Adeemsa qorannichaa dhugoomsuufis qoratichi yaaxxinaalee adda addaa kanneen maalummaa sirna barnootaa, gosoota hariiroo sirna barnootaafi barbaachisummaa isaaniin walqabatan, madaallii meeshaalee barnootaa, hariiroo sirna barnootaafi gosoota isaaniirratti yaadrimee bal'aarraa gara dhiphaatti qindeessuun mata dureewwan xixiqqaatti qoqqooduun boqonnaa lammaffaa keessatti dhiyeessee jira. Ittaansuun ammoo, gosi qorannichaa ammantaa (quantitative) ta'uun eeramera. Meeshaalee funaansa ragaalee sakatta'a dookimentii gargaaramuun odeeffannoon sassaabameera. Tooftaa iddatteessuu akkaayyootiin kibaabileen barattootaa kutaa 1fi 2 bara 2005 filatamanii, ragaaleen argamanis mala ammamtaan xiinxalamanii hiikni itti kennamee jira.

Haaluma kanaan, akkaataa gaaffiilee bu'uuraafi kaayyoolee gooreetiin ragaalee sassaabaman irraa xiinxalliin barbaachisu taasifamee bu'aaleen argaman gaaffiilee bu'uuraa dhiyaataniif haala deebii kennaniin tartiibaan kaa'amaniiru.

## 5.2 Argannoo

- BAO kutaa 1 qabiyyeewwan kitaaba barattootaa kutaa sanatti barsiifaman waliin hariiroo qabaachuurratti hanqinni jiraachuunsaa addaan ba'eera. Qabiyyeewwan kitaaba barattootaa AO kutaa 1fi kitaabilee barattootaa bara 2005 gidduu walittidhufeenyi jiru baay'ee gadaanaa ta'uunsaa ragaaleen xiinxalaman mirkaneessaniiru. Odeeffannoon gabatee 1irraa akka ibsutti qabiyyeewwan kitaabichaa keessaa dhibbentaan digdamii jaha ta'an barnoota E.G.J.Q waliin hariiroo yommuu

qabaatan, SN, Herregaafi AI wajjin hariiroon mul’atan walduraa duubaan dhibbeentaa afur, jahaafi kudhan ta’uunsaanii bira gahameera. Kun ammoo akkaataan qindoomina qabiyyeewwan barnoota kitaabichaa hanqina qabaachuusaa kan mul’isuudha.

- Kitaabni BAO kutaa lammaffaas sirriitti hariiroo dalgee eeggatee kan hinqophoofne ta’uu isaati. Akka xiinallii gabatee 2 keessaatti, barannoowwan digdamii lamaan jiran keessaa kudha-sadan isaanii barnoota SN wajjin kan walkeessa jiraniidha. Barnoota AI wajjin barannoo afur, E.G.J.Q waliin hariiroo dalgee kan qaban barannoowwan lama yoo ta’an, barnoota Herregaa wajjin ammoo barannoowwan sadii qofatu walitti dhufeenya qabu. Hariiroo mul’atu kana wal-bira qabnee yommuu ilaallu, qophii kitaabichaa keessatti hariiroon dalgee barnoota SN wajjin jiru cimaa yoo tau, kan gosoota barnootaa sadanii ammoo laafaa ta’uunsaa addaan ba’eera.
- Hariiroon olee BAO kutaa 1fi2 gidduu jiru xiyyeeffannoo guddaa kan hinarganne ta’uunsaa hubatameera. Odeeffannon **gabatee 5** irraa argame akka mul’isutti, hariiroon olee qabiyyeewwan kutaalee lamaan gidduu kan jiru ta’ullee, quubsaa waan hintaaneef, haalli qindoomina qabiyyeewwan kitaabilee lamaanii fooyya’insa kan barbaadudha. Haaluma walqabateen, walitti fufiinsiifi dagaaginni barannoodhaa gara baarannootti BAO kuataa 1fi2 gidduu jiru hanqina qabaachuu isaati. Xiinxallii **gabatee 3** irraa akka hubatamutti, barannoowwan shantamman kitaaba BAO kutaa1 jiran keessaa soddomii sadan isaanii walitti fufiinsaan gabbachaa kan deeman yoo ta’an, kanneen hafan fufiinsaan kan hinmul’atne ta’uun adda baheera. Mata dureewwan BAO kutaa 2 keessa jiran soddomii sadii keessaa shanan isaanii gidduutti waliiti fufiinsiifi gabbinni qabiyyeewwanii kan mul’atu yommuu ta’u, mata dureewwan digdamii saddeettan hafan haaraafi fufiinsaafi gabbina qabiyyee kan hinqabne ta’uun addaan ba’eera. Hariiroo kutaalee lamaan gidduu jiru yommuu wal-bira qabnee ilaallu, walitti dhufeenyi barannoodhaa gara barannootti BAO kutaa 1 gidduu jiru kan BAO kutaa 2 caalaa fooyya’aadha.
- Dhumarrattis, hariiroon BAO kutaa 1fi 2 qabiyyeewwan kitaabilee bara 2005 wajjin qaban walbira qabnee yommuu ilaallu: 1. BAO kutaa 1 gosa barnootaa E.G.J.Q kutaa 1wajjin hariiroo cimaa kan qabu yoo qabaatu, barnoota AI, Herregaafi SN wajjin ammo hariiroo laafaa qabaachuunsaa addaan ba’eera. Akkasumas, BAO kutaa 2

barnoota SN wajjin hariiroo cimaa kan qabu yommuu ta'u, barnoota E.G.J.Q, AIfi Herregaa wajjin hariiroo isaa laafaa ta'uun ragaaleen sakatta'aman mirkaneessaniiru.

## 5.3 Yaboo

Xumura adeemsa qorannichaatti argannoo qorannichaa bu'uureffachuun yaadni furmaataa akka kanaa gadiitti dhiyaatee jira. Bu'uuruma kanaan, hanqinoota hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi 2 barnoota biroo waliin qabu keessatti mul'atan ilaalchisee dhimmoota ijoo bu'aa qorannichaa keessatti tarreeffamaniif furmaata ta'uu danda'u jedhaman kanaa gadii kaa'amaniiru.

- Qophii kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa1 keessatti hariiroon dalgee qabiyyeewwan kitaabilee barattootaa sadarkaa kutaa sanaatti barsiifaman gidduu jiru xiyyeeffannoo utuu argatee gaarii ta'a. Akkasumas, Hariiroon dalgee BAO kutaa2 qabiyyeewwan gosa barootaa SN wajjin jiru fooyya'aa yoo ta'ellee, qabiyyeewwan akaakuu barnootaa akka Herregaa, AIfi E.G.J.Q waliin walqabannaan jiru hanqina waan qabuuf qophii kitaaba barnootaa keessatti ilaalcha itti kennuun fooyyessuun gaarii ta'a. Kana keessatti gaheen ogeeyyii kitaaba barnootaa afaanichaa qopheessuurratti hojjetanii guddaadha. Afaan Oromoo afaan barnootaa sadarkaa tokkoffaa waan ta'eef dhimma kanatti ilaalcha kennuun dhimma dandeettii afaanichaa dagaagsuu ilaallatu qofa osoo hintaane, dhimma kallattii beekumsaa hundaan daa'immaniin dagaagsuu ta'uunsaa hubatamee xiyyeeffannoon cimaan yoo itti kenname baay'ee gaariidha.

- Walitti dhufeenyi BAO kutaa 1fi 2 barannoodhaa gara barannootti jiru walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeerratti qaawwa waan qabuuf fooyya'insa kan gaafatuudha. Kanaafuu, hariiroo barannoodhaa gara barannootti qabiyyeewwan gidduu jiran keessaa kan kutaa 1 fooyya'aa yoo ta'ellee, quubsaa waan hitaaneef, kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1fi2 keessatti ilaacha itti kennuun haalaan fooyyessuun qopheessuun gaarummaa qabaata.

- Dhumarrattis, hariiroon olee BAO kutaa1fi2 gidduu jiru gadaanaa waan ta'eef xiyyeeffannoo addaa kan barbaaduudha. Akka hayyoonni ibsanitti hariiroon

olee sirnaan qindeessuuf dhimmi ijoon walitti fufiinsaafi dagaagina qabiyyeewwaniiti. Walitti fufiinsiifi dagaaginni qabiyyeewwan dubbisaafi gaaffilee hubannoo kennaman gidduutti mul'atu baay'ee fooyya'aa yoo ta'ellee, qabiyyeewwan kaawwan gidduu walitti fufiinsiifi dagaaginni mul'atu baay'ee miti.

Walumaagalatti, xiinxala hariiroo barnoonni Afaan Oromoo kutaa 1fi2 barnoota biroo waliin qaban irratti qorannoo adeemsifameen bu'aan argannoo qorannichaafi yaboon kaa'amera. Haata'u malee, hayyoonni qophii kitaaba barnootaarratti hojjetaniifi qaamoleen dhimmichi ilaallatu hanqina jiru hubachuun furmaata waaraa hamma itti kennanitti, barsiisonni Afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa kutaalee kanneenii barsiisan bu'aa qorannoo kanaatti fayyadamuun fooyyessanii akka barsiisan afeerraa qoratichaati.

## Wabii


Addunyaa Barkeessaa (2011) *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee.

Bal'isaa Garomsaa (2009) *Sakatta'a Walsimannaa Qabiyyeewwan Siilabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1-4fi Dandeettii Barattootaa Gidduugaleessa Godhachuun* (Qorannoo MA hinmaxxanfamin) Yuunivarsiitii Finfinnee.

Biiroo Barnoota Oromiyaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo kutaa 1*. Finfinnee: BBO.

Biiroo Barnoota Oromiyaa. (2005?). *Estetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kutaa 1*. Finfinnee: BBO.

Biiroo Barnoota Oromiyaa.(2003). *Herrega kutaa 1* Finfinnee: BBO; Pirojeektii Barnoota Waliigalaatiin.

Biiroo Barnoota Oromiyaa .(2005?) *Saaynsii Naannoo kutaa 1*. Finfinnee: BBO.

Biiroo Barnoota Oromiyaa.(2005) *Barnoota Afaan Oromoo kutaa 2*. Finfinnee: BBO

Biiroo Barnoota Oromiyaa. (2005?). *Estetiksiifi Guddinaafi Jabeenya Qaamaa kutaa 2.* Finfinnee: BBO.

Biiroo Barnoota Oromiyaa. (2003) *Herrega kutaa 2*. Finfinnee: BBO; Aster Nega publishing Enterprise.

Biiroo Barnoota Oromiyaa.(2005). *Saaynsii Naannoo kutaa 2*. Finfinnee: BBO.

Biiroo Barnoota Oromiyaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo kutaa 2*. Finfinnee: BBO.

Concise Oxford Dictionary (10th ed.) Oxford University press.

Creswell, J.W. (2003). *Design: qualitative, quantitative, and Mixed Methods Research Approaches*. 2nd ed. Sag publications, Inc.

Dastaa Dassaaleny .(2013). *Bu'uura Qorannoo*: Finfinnee; Mana Maxxansaa Boolee.

Dirribaa Dabalee. (2008) .*Xiinxala Qabiyyee Caaslugaa Kitaaba Barataa kutaalee 11fi 12: walitti fufinsaafi dagaagina irratti xiyyeeffachuun*.(qorannoo MA hinmaxxanfamin)

Dublin, Fraud & Olshtain, Elite. (1986). *Course Design: Developing programs and Materials for Language Learning.* Cambridge: Cambridge university press.

Mc Donough, J. and Shaw, C.(1993). *Materials and English Languge Teaching*. Oxford BlankWellpublished Ltd.

Ministeera Barnootaa Itoophiyaa. (2005). *Qajeelcha Barsiisaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9*. Dhaabbata Maxxansaa MK.

Ministry of Education. (2003). *English For Grade 2. USAID.*

Ministry of Education. (2008). *English For Grade 1.USAID.*

Ministry of Education . (2010). *Curriculum Frame Work For Ethopian Education*. (Kg-Grade-12).

Ministry of Education . (2014). Maanu'aalii Hujaarsa Leenjistoota Barsiistotaa Hagayya 25-Qaammee 4, 2006 Adaamaa/Amboo (kan hinmaxxanfamin)

Nunan, D.(1988).*Syllabus Design.* Oxford: Oxford University Press

Ornstein, A and Hunkins, F . (2009). *Curriculum Development in Language Teaching*. Cambridge:Cambridge University Press.

Qajeelcha Qophii qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnoota (B.B.O). (1995). *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo*: Oromiyaa, Finfinnee.

Richards, J. C.(2001). *Curriculum Development in Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

Richard & Renandya.(2002). *Methodology in Language Teaching.* Cambridge: Cambridge University Press.

Stern, H. H. (1983).*Fundamental Concepts of Language Teaching*.Oxford, England: Oxford University Press.

Tamasgeeniifi Tashoomaa. (2015). *Qopheessa Silabasiifi Meeshaalee Barnootaa*. (Moojulii barnoota fagoo kan hinmaxxanfamin).

Tomlinson, B. (2009). *Materials Development in Lnguage teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

Tomlinson, B. (2012). *Material Evaluation and Selection of materials (PDF).*

Tyler, R.W. (1949). *Basic Principles of Curriculum and Instruction*. Chicago: University of Chicago press.

Yalden, J. (1987). *Principles of Course Design For Language Teaching*. Cambridge; Cambidge University Press**.**

**ተስፋዬ ሸዋዬ፡፡** (1981)**፡፡ ስነ ልሳንና ቋንቋን ማስተማር፡፡ አዲስ አበባ፡፡**

## Dabalee A

YUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

**Cheeklistii Madaallii Hariiroo Dalgee Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 1**

**Gabatee (1)** Sakatta'a Hariiroo dalgee qabiyyeewwan BAO kutaa 1fi gosootaa barnoota biroo

| Lakk. barannoo | Qabiyyeewwan BAO BAO | Qabiyyeewwan gosoota barnootaa biroo | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | E.G.J.Q | SN | Herrega | AI |
| 1 | Nagaa walgaafachuufi walbaruu | | | | |
| 2 | Sagaleewwan namootaa addaan baasuufi akkeessuu(wacuu, dubbachuu, boo'uu) | | | | |
| 3 | Sagaleewwan meeshaalee addaan baasuu (dibbee, qaccee, bilbila) | ✓ | | | |
| 4,5,6 | Sagaleewwan bineeldaa addaan baasuu (harree, waraabessa, leenca) | ✓ | | | |
| 7 | Faaruu adda addaa (faaruu "Afaan Oromoo" kan Alii Birraa, faaruu loonii, faaruu Qubee) | ✓ | | | |
| 8 | Tuqaaleedhaan sararoota bu'uuraa bocuu ( tuqaalee) | ✓ | | | |
| 9 | Sararoota bu'uuraa bocuu (qabannaa kobbeefi dabtaraa) | ✓ | | ✓ | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 10 | Sararoota golboo bocuu (qubeewwan **d**, **b**) | ✓ | | | |
| 11 | Sararoota bu’uuraan qubee bocuu(sarara dhaabbataa, sarara dalgee, qubeewwan **I,L,T,I,l,t,E,F,H,f,h**) | ✓ | | | ✓ |
| 12 | Jechoota dubbisuu (ija, ilkaan, ilkaan fakkii waliin dhiyaatan) | | | | |
| 13 | Sararootaan qubee bocuu( sarara golboo, qubeewwan **e,G,g**) | ✓ | | | |
| 14 | Jechoota dubbisuu (ciicoo,cuubee,gala,gaangee,eeboo,eelee) | | | | |
| 15 | Sararoota bu’uuraan qubeewwan **D,B,d,b** bocuu | ✓ | | | |
| 16 | Sararoota bu’uuraan qubeewwan **R,S,J,r,s,j** bocuu | | | | |
| 17 | Jechoota dubbisaa fakkii tuquu (re’ee,rigaa, jaarsa, sa’a, simbira, jabbii) | | | | |
| 18 | Sararoota bu’uuraan qubeewwan **O,Q,o,q** bocuu | ✓ | | | |
| 19 | Jechootaafi fakkiiwwan | | | | |
| 20 | Sararoota bu’uuraan qubeewwan **A,K,Z**,**a,k,z** bocuu | | | | |
| 21 | Jecha dubbisaa fakkii agarsiisuu(adurree, arba, koomee, zeeroo) | | | | |
| 22 | Sararoota bu’uuraan qubeewwan X,Y | | | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | bocuu | | | | |
| 23 | Jechootaafi fakkii ( xiyyaara, xuuxxoo, yaabbate, yeeyyii, yabala, xaafii | | | | |
| 24 | Sararoota bu'uuraan qubeewwan **N,M,W,n,m,w** bocuu | ✓ | | | |
| 25 | Jechoota fakkiin dhiyaatan dubbisuu ( nama, mana, marga, weennii, wullee) | | | | |
| 26 | Qubeewwan dachaa xiqqaafi guddaa bocuu | | | | |
| 27 | Jechoota qubeewwan dacha of keessaa qaban dubbisuu | | | | |
| 28 | Qubeewwan **V,P** bocuu | ✓ | | | |
| 29 | Qubeewwan gurguddaafi xixiqqaa (**L,e,m,b,J,R,q,N,a**) | | | | |
| 30 | Sagaleessaa barreessuu( **a,e,i,o,aa,ee,ii,oo**) | | | | |
| 31 | Barreessaa sagaleessuu (**b,d,g,c,ch,l,f,t,n,m,a,e,i,o**) | | | | |
| 32 | Jechoota gabaabaafi dheeraa ijaaruu ( buna, daaraa,nama, moonaa) | | | | |
| 33 | Jecha dubbisaa fakkii tuquu (aduu,bofa,cokoo) | | | | ✓ |
| 34 | Jechoota fakkiin dhiyaatan dubbisuu (mucha,harma,lukkuu) | | | | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 35 | Jechoota barreessuu( arraba, bilbila,farda) | | | | |
| 36 | Jechoota qubee dacha, irrabutaafi hudhaa qaban dubbisuu<br>(naacha, jilba, furtuu, re’ee, sa’a) | | | | |
| 37 | Qajeelfama raawwachuu<br>( ka’i, ba’i), jechoota sagalee laafaafi jabaa,gabaabaafi dheeraa sagaleessuu | | | | ✓ |
| 38 | Qubee xiqqaa bareessuufi tartiibessuu | | | | |
| 39 | Qubee jecha keessaa hanqate guutuu | | | | |
| 40 | Jechoota barreessuu (maqaa beeylada, midhaanii, bineensaa, namootaa,<br>meeshaalee daree keessaa) | | | | |
| 41 | Fakkii ilaalanii ibsuu (saree, lukkuu, sa’a hoosiftu) | | | | ✓ |
| 42 | Fakkiifi hima walitti firoomsuu (mucaan muka kora…) | | | | |
| 43 | Fakkiiwwaniifi ibsa isaanii<br>(Turaan barataadha…) | | | | |
| 44 | Faayidaa sirna tuqaalee<br>(mallattoo waraabbii, gaaffifi tuqaa) | | | | |
| 45 | Lakkoofsa dubbisuufi tartiibessuu | | | ✓ | |
| 46 | Duraaduuba gochaalee ibsuu<br>(fakkii gochaalee ibsan, maqaa guyyoota torbanii, maqaa ji’ootaa) | | | ✓ | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 47 | Bifa, dheerinaafi furdina wantootaa, walfakkeenyaafi garaagarummaa wantootaa | | ✓ | | ✓ |
| 48 | Wantoota adda addaa ilaalanii ibsuu (fakkiiwwan mooyyee, minjaala, biqiltuu), Dubbifama (keeyyata tokko) | | ✓ | | |
| 49 | Qajeelfama hordofuu (himoota qajeelfamaa) | | | | |
| 50 | Sheekkoo dhiyeessuu, hibboo, tapha ijoollee | | | | |
| | Ida’ama qabiyyeewwan hariiroo qabanii | | | | |

**Dabalee B**

YUNIVARSIITII FINFINNEE

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI

QUUNNAMTIITTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

**Cheeklistii Madaallii Hariiroo Dalgee Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 2**

**Gabatee (2**) Sakata'a Hariiroo Dalgee Barnoota Afaan Oromoo kutaa2fi gosoota barnoota biroo

| Lakk. Barannoo | Qabiyyeewwan barnoota AfOr kutaa 2 | Qabiyyeewwan gosoota barnootaa Biroo | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | E.G.J.Q | Saayinsii Naannoo | Herrega | Afaan Ingilizii |
| 1 | Sararoota bu'uuraa, qubeewwan xixiqqaa | ✓ | | ✓ | |
| 2 | Qubeewwan walitti fidanii jechoota ijaaruu, jechoota dubbisuufi barreessuu | | | | |
| 3 | Nagaa walgaafachuu, jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa sagaleessuu, hiika jechoota sagalee gabaabaafi dheeraa | | | | ✓ |
| 4 | Jechoota sagalee hudhaa qaban ijaaruu, jechoota sagalee irra butaa qaban ijaaruu | ✓ | ✓ | | |
| 5 | Meeshaalee aadaarraa odeeffannoo argachuu, maqaafi qaamolee meeshaalee aadaa, faayidaa meeshaalee aadaa | ✓ | ✓ | | |
| 6 | Fakkiiwwan lakkoofsaa wajjin barreessuu, fakkiiwwan ibsuu, rakkoo naannoorratti mari'achuu | | ✓ | ✓ | ✓ |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 7 | Dubbisa “Gaangee” jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, walfakkeenyaafi garaagarummaa wantootaa | | ✓ | | |
| 8 | Dubbisa “barattoota keenya” jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, hibboo | | ✓ | | |
| 9 | Dubbisa “Gorsa abbaafi haadhaa” jedhu, shaakala dubbisa duraa, faallaa jechootaa | | ✓ | | |
| 10 | Dubbisa “Ilkaan Daraartuu” jedhu, hiika faallaa jechootaa, jechoota kennamaniin hima ijaaruu, yaada jalqabame xumuruu, hima mallattoo waraabbii qabu | | ✓ | | |
| 11 | Dubbisa “Waddeessa Galataa” jedhu, hiika faallaa jechootaa, hima ijaaruu, hiika walfakkii jechootaa | | ✓ | | |
| 12 | Dubbisa “Maatii obbo Guutamaa” jedhu, Muuxannoo dubbisuu horachuu, yaada dubbisaa ibsuu, faallaa jechootaa himuu, hima ijaaruu, jechoota yeroofi ji’oota ibsan | | ✓ | | |
| 13 | Waliin dubbii,Tuqaalee, keeyyata dubbisuufi barreessuu, ergaa keeyyataa | | | | ✓ |
| 14 | Dubbisa “Badhaasa” jedhu, jechoota, walduraa duuba gochaa | | | | |
| 15 | Dubbisa “Damma”jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, yaada loojikiitti fayyadamuu, haala tokko ialaalanii shakkii malee “nita’a” jedhanii murteessuu, haala tokko ilaalanii “ta’uu hinoolu” jedhanii yaada kennuu | | ✓ | ✓ | |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 16 | Dubbisa yaada waldorgommii qabu( Gaalaafi Farda) faallaa jechootaa, wantoota waldorgomsiisuu | | ✓ | | |
| 17 | Qajeelfamaafi fakkeenya falmii, falmii geggeessuu, sirna marii, marii geggeessuu, jechootaan hima ijaaruu | | | | |
| 18 | Dubbisa “Ollaa” jedhu. Gaaffiiwwan hubannoo, hiika jechootaa, himoota ijaaruu | | ✓ | | |
| 19 | Sheekkoo, **maqaalee danoomsuu**, mammaaksa | | | | ✓ |
| 20 | Dubbisa “Faayidaa Bunaa” jedhu, gaaffiiwwan hubannoo, hiika jechootaa, yaada tokko jecha mataa ofiitiin ibsuu | | ✓ | | |
| 21 | Xalayaa firaa, qaamaafi bifa xalayaa firaa, teessoo xalayaa poostaarratti barreessuu | | | | |
| 22 | Sheekkoo dubbisuu, hiika faallaa jechootaa kennuu, baafataafi faayidaa isaa | | | | |
| | Ida’ama qabiyyeewwan hariiroo qabanii | 3 | 13 | 3 | 4 |

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatne ta'uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa : Boggaalee Leencaa

Mallattoo ___________________________

Guyyaa _____________________________